

**QAACCESSA WAL-DHABBII ASOOSAMA GABAABAA
"YEROON SIIF HAA DHIISTUU"**

SHAAMEE USUMAAN

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI QUUNNAMTIIN
GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE.**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKILOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA
JOORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII YUUNIVERSIITII
FINFINNEE**

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE

**QAACCESSA WAL-DHABBII ASOOSAMA GABAABAA
"YEROON SIIF HAA DHIISTUU"**

SHAAMEE USUMAAN

GORSAAN: NUTMAAN ALIYYI

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI QUUNNAMTIIN
GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE.**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKILOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA
JOORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII YUUNIVERSIITII
FINFINNEE**

FULBAANA 2014/2021

FINFINNEE

Galata

Hundumaa dursa waan hundumaa keessatti isa na gargaare Rabbiif galanni guddaan haa ta'u.

Itti aansuun iddoo kana akkan ga'uu fi waraqaa qorannoo Kanas akkan hojjedhee dhiyeessu kallatti hundaanuu rakkinaa fi dhiphina kootiif itti gaafatamummaa fudhachuun waantota na barbaachisan hunda naaf guutuun iddoo kanaan kan na ga'an Abbaa koo Usmaan Fidaa fi Harmee koo Shukkaaree Hiikaa galata daangaa hin qabne onnee koorraa galateeffachuun barbaada.

Akkasumas hojii koo kana keessatti jalqabaa hanga xumuratti beekumsaa fi dandeettii mataa isaanii osoo hin qusatiin ifannaa tokko malee hojii kana hojjedhee akkan dhiyeessuuf kan na gargaaraa turan gorsaa koo Nutumaan Aliyyii galanniif kabaji ani qabuuf guddaadha

Akkasumas hiriyyoota koo qorannoo kanaaf yaadaan na deggeraa fi na sirreessaa, wantoota garaa garaan na gargaaraa turaniif galanni koo guddaadha.

Kana malees karaa hundumaan galma ga'iinsa qorannoo kootiif lafee dugdaa ta'ee na jajjabeessaa,;na gorsaa fi ulaagaalee barbaachisu hunda guutuudhaan kan na bira dhaabbatte obboleessa koo Hasan Usmaaniin hin galateeffatin darbuun anaaf imaanaa nyaachuudha.

Walumaa galatti namoonni yaadaan,maallaqaanii fi kkfniin kan na bira dhaabbattan hunduu an firii yaada keessanii waanan ta'eef ulfaadhaa.

Axareeraa

Waraqana qorannoo kun qaaccessa wal-dhabbi asoosama Yeroon siif haa dhiistuu irratti xiyyeeffachuun kan geggeeffameedha. qorannoon kun seensa irraa kaasee hanga malaawwan qorannootti boqonnaa tokko jalatti ka'amanii jiru. malli qorannoo dhimma itti ba'ame kunis mala qorannoo akkamtaati.kaayyoon isaa wal-dhabbiwwan asoosamicha keessatti argaman qaaccessuun kaa'uudha. maddi ragaa qorannoo kana madda ragaa tokkoffaatti fayyadamuun qorannoon kun adeemsifameera. Boqonnaan lama immoo sakkatta'a barruule kan ibsuu, yaadota hayyoota adda addaatiin dhiyaatantu ka'a.Boqonnaa sadii keessatti hubannoo kitaabicha irraa funaaname qaaccessuu kan of keessatti hammateedha.Boqonnaa afur keessatti immoo cuunfaawwan qorannoo kanaa,yaboo fi wabiileen dhiyaatanii jiru.kana malees qorannoo kanarraa ka'uunis yaadni furmaata qorrattuu kanaan ka'amee jira.

BAAFATA

FUULA

Galata.....	3
Axareeraa.....	4
BOQONNAA TOKKO.....	7
SEEN-DUUBEE QORANNICHA 7	7
1.1. Ka'umsa Qorannichaa.....	9
1.2. Kaayyoo Qorannichaa.....	10
1.3. Faayidaa Qorannichaa.....	11
1.4. Daangaa Qorannichaa.....	12
1.5. Hanqina Qorannichaa.....	12
1.6. Malaawwan Qorannichaa.....	12
BOQONNAA LAMA.....	14
SAKATTA'INSA BARRUU.....	14
2.1 Maalummaa Og-barruu.....	14
2.2 Asoosama.....	14
2.2.1. Caacculee Asoosamaa.....	15
2.3. Sakatta'a barruu wal-fakkii.....	24
BOQONNAA SADI 25	25
QAACCESSA RAGAALEE.....	25
3.1. Ibsa gabaabaa waa'ee kitaabichaa.....	25
3.2. Qaaccessa wal-dhabbii asoosama “yeroon siif haa dhiistuu”.....	27
3.3. Gosoota wal-dhabbii asoosamichaa.....	27
3.3.2. Wal-dhabbii Alaa Asoosama “Yeroon Siif Haa Dhiistuu”.....	34
3.2.2.3. Wal-dhabbii namaa fi uumaa.....	44
3.3.2.4. Wal-dhabbii namaa fi hawaasaa.....	45

3.3.2.3. wal-dhabbi namaa fi teeknoolojii.....	46
BOQONNAA AFUR.....	48
ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA	48
4.1. Gudunfaa.....	48
4.2. Argannoo.....	48
4.3. Yaboo.....	49
Wabiilee	51

BOQONNAA TOKKO

1.1. Seen-Duubee Qorannichaa

Ilmi namaa jiruuf jireenya isaa keessatti bu'ee ba'uuf jecha rakkoowwan adda addaa keessummeessaa ooluun isaa fi mudannoowwaan hedduu Keessa jiraataa akka turee fi jiraachaa akka jiru ni beekama. Mudannoowwan kun immoo kanneen akka gaddaa, Gammachuu, jibbamu, jaallatamu, quufuu, beela'uu, dhabuu, argachuu, hiyyoomuu, sooromuu, dhukkubsachuu, fayyuu fi kkf isa mudachaa oola. Mudannoo isaa kana kan ittiin ibsatu keessaa tokko Og-barruudha.

Og-barruun ogummaa kalaqaa sammuu namaa ta'ee muuxannoo jiruu fi jireenyaa akka qabatamutti miidhagsinee ykn faaya adda addaa calaqqisiifnee kan ittiin mullisnuudha. Melakneh (1996:1) irratti og barruu yoo ibsu: "literature is a creative work of art when express the truth of experience interms of beauty to comprehended ideas of intellectual and social significance" jechuun ibsa.

Og-barruun goorowwan gurguddoo sadii of keessaa qaba. Isaan keessaa tokko asoosama. Og-barruun kalaqa yaada sammuu dhala namaa ta'ee dhimmoota hawaasaa kanneen akka: dhimmoota jiruu fi jireenyaa, beekumsa, muuxannoo, fedhii fi hawwii, bifa barsiisuu fi bashannansiisuu danda'uun ykn miira namaa bifa to'achuu danda'uun ijaaramee kan dhiyaatuudha.

(Beekan;2012:8) "Og-barruun ogummaa kalaqaa ta'ee kan muuxannoo jiruu fi jireenyaa haqa irratti ittiin yayyabnu, bu'uuressinuu fi akka qabatamutti miidhaginaan faayinee ittiin ibsamuudha. Kunis mala hawaasummaa fi bu'aa qabu tokko ittiin waliif gonfannuu fi meeshaa ittiin hawaasicha irraa waan hamaa ittiin faccifnuuti" jedha.

Akka yaada hayyuu kanaatti og-barruu jechuun hojii kalaqa sammuu ykn miiraa ta'ee kan Maalummaa hawaasaa fi hawaasa keessatti hammataman kan ittiin qeeqnuu fi hambaa hawaasichaa kan dhugummaa isaa ittiin ibsinuudha. Kana malees hawaasni og-barruutti gargaaramuun eenyummaa fi maalummaa isaa duubeen isaa maal akka fakkaatuu fi wantoota hawaasni sun hojjetee fi hojjechaa jiru kan ittiin addeessaniidha.

Geetaachoon (2007) yoo ibsu, ‘og-barruun hojii kalaqaa ta’ee,fedhii,gammachuu,hawwii fi kkf miidhago fi hojii ilma namaa walitti qindeessee kan mullisuudha’’jedha.yaada kanarraa kan hubannu og-barruun jireenya guyyaa guyyaatti namni dhuunfaanii fi gareedhaan jiraatu,karaa inni ittiin ba’ee ibsamu ta’uu isaa hubanna.

Asafaa (2009) fi Birhanu (2009) yoo ibsan ‘jechi og-barruu jedhu Afaan Ingiliziin ‘Literature’ jedhu irraa hiikamee gara Afaan Oromootti jijjiirame.maddi jecha kanaa Afaan Laatinii (Litra) jedhu irraa kan dhufe yommuu ta’u,harfii qubee(Alphabet letters) jechuu ta’ee, ‘oguma barreeffamaa’ jechuutti hiikama’’jedhu.

Yaadota olii irratti hundaa’uun Fedhasaan (2019) yoo waa’ee hiika afaan faranjii irraa gara afaan oromootti hiikamee yoo ibsu:

Afaan oromootiin jecha ‘og-barruu’jedhu kallattiin og-barruu barreeffamaa jechuun hiikna taanaan afoola/aartii jecha jedhutu dagatama.silumayyuu jechichi jecha lama kan oguma fi barreeffama jedhu walitti camaduun jecha ‘literature’jedhu sana akka bakka bu’uutti ‘og-barruu’jedhame.ta’us jechi Afaan Oromootiin og-barruu jedhame kun haala kan faranjiitiin bakka bu’uu hin danda’u.

Yaadota olii kana irraa kan hubannu ka’umsi jecha og-barruu ykn dhufteen jecha kanaa afaan biraa irraa kan uumame yoo ta’u,kallattiidhaan jecha kana hiika isaa afaan oromoo keessatti kan fayyadamnu yoo ta’e,afoola Oromoo gara kan hormaatti luuccessuu irra darbee,kan oromoon afaaniin dhalootaa dhalootatti ittiin dabarfachaa ture afoola isaa kan dhabamsiisuudha.kanaafuu jecha afaan ingiliziin literature jedhu hiikni isa hin gitne afaan oromoon akka hin jirre irraa hubanna.kanaafuu hiikni isa gitu akka waalteffamuu qabu,yoo akkas hin ta’in jechi afoola jedhu qarqara badiisaa irra akka jiru nu hubachiisa.

Uummanni oromoo osoo og-barruu barreeffamaatti hin dhufin dura duraan dureessa afoolaa ture.garuu dhiibbaa afaanii kara sirnoota darbaniin irra ga’aa tureen,aadaa fi seenaa isaa akka hin barreeffanneef dhiibbaa irratti godhameen hacuucamaa tureera.asafaan (2009) yaada kana yoo ibsu ‘hawaasni afaan isaatiin yoo dubbachuu,barreessuu,dubbisuu,qorachuu,walumaa gala ittiin

hojjechuu yoo hin dandeenye,aadaa illee hin qabaatu...dhiibbaa jaarraa tokkoof oromoo irra tureen afaan oromoo barachuun,barreessuun,qorannoo adeemsisuun waan yaadamu hin turre''jechuun dhiibbaa afaan oromoo irra ga'aa ture ibseera.garuu afaan oromoo dhiibbaa kana hunda dandammatee harra og-barruu adda addaa kan akka:Galme jechootaa,kitaabilee barnootaa,qorannoowwan adda addaa,afoolawwan afoolawwan adda addaa walitti qabuun maxxansuun afaan og-barruu horate ta'uu danda'eera.og-barruuwwan barreeffamaan jiran hedduu keessaa asoosamni isa tokko.asoosamni afaan oromoon barreeffamanis hedduutu jiru.isaanis kanneen akka Suura Abdii,Dirmammuu,Kuusaa Gadoo,Godaannisa,hawwii,Miila hin shokoksinee gurraacha abbayyaa fi kkf hedduutu jiru.

yaada olii kana irraa kan hubannu og-barruun oromoo afoola irraa ka'ee og-barruuwwan damee adda addaatti qoodamaniin barreeffamaa ykn guddachaa jiraachuu isaa nu hubachiisa. Dameewwan og-barruu kana keessaa asoosamni isa tokko. Asoosamni kalaqa arga yaadaa barreessaatiin barreeffamu ta'ee, miira nama hawwatuu fi miidhagina kan qabuudha. Asoosamni egaa caaculee adda addaa of keessaa qabaachuu danda'a. Isaanis kanneen akka jaar-gocho, Wal dhabbi, yoomessa, nam-fakkii, malleen dubbii, ergaa fi kkf isaan ijoodha. Kana hundumaa barreessaan Seenaa dhugaa irratti hundaa'uun kalaqee kan barreessuudha.

1.1. Ka'umsa Qorannichaa

Og-barruun oromoo duraan akka harraa kana barreeffamuuf hayyamamaa waan hin turiniif bakka Og-barruun biraa irra ga'ee jiru hin qaqqabne. Akka inni hin guddanneef dhiibbaa fi boodatti harkisni mootummoota darbaniin irra ture hamaa kan tureedha. Sababii dhiibbaa kanaaf jecha hayyoonni Oromoo kan dandeettii ga'aa qabanii fi og-barruu oromoo guddisuuf fedha qaban illee Kaan isaanii osoo dandeettii uumaan kenneefiin og-barruu oromooof waan hojjechuu danda'an osoo hin hojjetin addunyaa kanarraa darbaniiru. Kaan isaanii immoo qubee afaan ergisaa fi afaan ergisaan osoo afaan ittiin barreessuu danda'an qabanii barreessuun afaan saba biraa guddisaniiru. Kun hunduu dhiibbaa yeroon sun irraan ga'eedha. dandeettiin isaaniis kan daangeffameedha. Yaada kana Asafaan (2009) yeroo ibsu "Afaan oromoo afaan hojii mootummaa ta'uu dhabuun isaa dhiibbaa gita bittaa mootummaa habashaa kan tureedha" jedha. Namoonni muraasni rakkoowwan kanaan wallaansoo qabuun asoosamoota muraasa barreessuu danda'aniiru. kanneen barreeffaman irrattis qorannoon geggeeffame baay'een hin jiru. Innis rakkoo mataa isaa danda'e qaba. Rakkoowwan gama qorannoo kanaan mullatan keessaa tokko

asoosamoonni barreeffamaan jiran kun gama asoosama akkaataa xiinxala hammayyaatiin wal-bira qabamanii yoo ilaalaman hagamtu sirriidha ykn sirrii miti kan jedhu beekuu dhabuudha.

(Addunyaa baekeessaa, 2011:53)

Ka'umsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti ykn waa'ee hawaasichaa dhimma barreeffamaarratti mullatu, dhimmichis rakkoo ykn qaawwa jiru tokko duuchuuf ykn yaaxxina tokko haaromsuuf dhimma ballaa dhimmichaatti kennuu fi wkf ta'uu danda'a. Akka yaada kanaatti ka'umsa qorannoo jechuun sababa mata duree tokko filannee, maaliif akka filanne kan nu hubachiisuu fi sababoonni adda addaan immoo akka jiran kan nuuf ibsuudha.

Faayidaa kana beekuun asoosama barreeffamaan jiran qeequun, xiinxaluunii fi qaaccessuun wal-diddaa asosama kana keessa jiru sirriitti ijaaramuu fi dhiisuu isaa ibsa. Dabalataanis nama asoosama barreessuufis waa'ee qaaccessa ykn xiinxala hammayyaa gorsee karaarra akka bu'uu gochuuf. Rakkoo kana hubachuun qorataan kun qorannoo kana geggeessuuf kakaaseera. kanaaf qorannoo kana keessatti qorattuun asoosama gabaabaa **yeroon siif haa dhiiftu** jedhu, wal-dhabbi isaa irratti qorannoo geggeessuun qaaccessuuf qorattuun hojii ishee eegaltee jirti. Qorattuun gaaffilee armaan gaditti ka'an akka ijootti qabachuun qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebisuu isaa ni amanti

- ❖ Wal-diddaan ykn wal-dhabbiin asoosama kana keessa jiran maal?
- ❖ Gosoonni wal-diddaa ykn wal-dhabbi isaa asoosama kana keessatti argamanii maal fa'idha?
- ❖ Faayidaa wal-diddaan ykn wal-dhabbiin asoosamicha Keessatti qabu maal fa'i?
- ❖ Sababoonni wal-diddaa ykn wal-dhabbi isaa asoosamoota kana keessatti uuman maal fa'i?
- ❖ Wal-diddaan ykn wal-dhabbiin asoosama kana keessatti argaman/mullatan amaloota akkamii qabu?

1.2. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon tokko kan geggeeffamuuf kaayyoo inni geggeeffamuuf tokko erga beekameeti. Qorannoon kunis kaayyoo gooroo fi gooreetti qoodamee dhiyaata.

1.3.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa wal diddaa asoosama gabaabaa "yeroon siif haa dhiistu" jedhu qaaccessuudha.

1.3.2 Kaayyowwan Gooree

Kaayyolee gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gaditti.

- ❖ wal-dhabbiwwan/wal diddaawwan asoosama kanaa ibsuu
- ❖ Gosoota wal-diddaawwan/wal dhabbiwwan asoosamicha keessatti argaman adda baasuu
- ❖ Faayidaa wal-diddaa/wal-dhabbi asoosamichi qabu tarreessuu
- ❖ Sababoota wal-diddaa/wal-dhabbi uuman ibsuu
- ❖ Amaloota wal-diddaa/wal-dhabbi asoosama kana keessatti argamanii ibsuu.

1.3. Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon tokko kan geggeeffamu:rakkoo furuuf, beekumsa haaraa argamsiiaa uuf Ykn beekumsa haaraa dabaluu ta'uu danda'a. Faayidaa qorannoo haala gaariin hojjetame tokkoo(Addunyaa, 2019:55) irratti yoo ibsu:

Gulantaan kun bu'aa qorannoo keenyaatti eenyuu faatu itti fayyadama gaaffii jedhu deebisa. Kun immoo kanneen odeeffannoon irraa funaanamee fi qaama dhimmi qorannoo keenyaa hammatu ilaallata. Barbaachisummaan qorannoo tokkoo barbaachisummaa mata duree qorannichi irratti geggeeffamuu fi qabatamummaa odeeffannoo bu'uura qorannichi ta'e irratti hunda'a.

Bu'aa qorannoo tokkoo irraa qaamoleen garagaraa fayyadamuu danda'u.

- ❖ guddina og-barruu oromoof gumaacha guddaa kenna. Kana jechuun qorannoon amma jalqabe kun dhalootaa dhalootatti darbuudhaan bu'uura ta'ee qorannoon og-barruu oromoo tiif guddina isaaf b'uura ta'uu danda'a
- ❖ Namoota wal-dhabbi asoosamaa irratti qorannoo geggeessaniif akka ka'umsaatti muuxannoo horachuuf isaan ni gargaaraamee.

- ❖ Namoota asoosama barreessaniif gosoota wal-diddaa akkamii uumuun akka danda'amu karaa agarsiisa.

1.4. Daangaa Qorannichaa

Asoosamni afaan oromootiin barreeffaman hedduutu jira. kanaaf Og-barruun yaad-rimee ballaa kan of keessaa qabuu fi goorowwan hedduu kan of keessaa qabuudha. Kana keessaa asoosamni isa tokkodha. Akkasumas caaculee hedduu kanneen akka sasoommii, nam-fakkii, ergaa, yoomessa, jaargocha, sab-seenaa, malleen qooddachiisuu, wal diddaa fi kkf of keessaa qabaachuu danda'a. egaan qorannoon kunis barruuwwan hedduu jiran keessaa waan asoosama baay'ee irratti caaculeewwan hedduun hojjechuuf yeroo dheeraa fudhatuuf yeroo kennamteef keessatti goolabuuf jecha asoosama gabaabaa "yeroon siif haa dhiiftu"jedhu keessaa wal-dhabbii/wal-diddaa irratti xiyyeeffachuun Gorsaa ishee waliin walii galuun qorannoo kana geggeessuutti jirti.

1.5. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo geggeeffamaa turetti hanqinootni tokko tokkoo mudataa turan. Hanqinoota kanneen keessaa inni jalqabaa hanqina yerooti. Yeroon hojii qorannoo kanaaf kenname hojii barnoota idilee wajjin walirra waan bu'eef gahaa miti. Kana malees bara dhukkubni covid 19 biyya weeraraa jiru irraan kan ka'e turtiin barattoonni biyya turanii dhufanii qorannoo itti eegalan yeroo gabaabduu waan ta'eefidha. Hanqinni kan biroo immoo hanqina kitaaba wabiiti. Kana yoo jennu, kitaabonni mata duree qorannoo kana wajjin wal qabatan gahoo miti. Rakkoowwan kunniin hojii qorannoo kanaa irratti dhiibbaa geessisaniiru. Haa ta'u malee hanqinoota kanneeniif hojii qorannoo kanaa osoo hin laaffisiin yeroo kenname keessatti kitaabolee garaagaraafi qorannoolee darban adda addaa sakatta'uun qorannoon kun haala gaariin hojjetamee jira.

1.6. Malaawwan Qorannichaa

Qorannoon tokko galma ga'uuf malli qorataan tokko na gargaara jedhee fudhatee itti fayyadamu murteessaadha. Malli qorannoo tokko kan filatamus faayidaa isaa irratti hundaa'eeti. Qorannoon kun kan adeemsifame odeeffannoo kitaaba dubbisuun walitti qabame irraa kan qaaceffameedha. Kanaaf gosoota qorannoo jiran keessaa qorannoo qulqulleeffataatti gargaaramuun fayyadameera.

Qorannoon tokko yommuu geggeeffamu bakka ykn qaama irratti geggeeffamu qaba. Kanaafuu qorannoon kunis kan adeemsifame kitaabota og-barruu afaan oromoo keessaa asoosama

gabaabaa "yeroon siif haa dhiistu" jedhu irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u caaculee asoosamaa jiran keessaa immoo wal-diddaa/wal-dhabbiir irratti xiyyeeffachuun kan qaaccessuudha.

Fiixaan ba'iinsa qorannoo kanaaf maloanni qorannoo kana keessatti dhimma itti bahaman gahee guddaa qabu. Maloonni kunis amanamaa fi qabatamaa ta'uu qorannichaa mirkaneessa. Qorannoon waraqaa kanaa qorannaa bu'uuraa ta'ee bifa ibsituutiin kan dhiyaateedha. Maddi ragaa qorannoo kanaas asoosama yeroon siif haa dhiistuu, og-barruuwwan, qorannoowwan adda addaa fi toora inerneetiidha.

Malli qaaccessa ragaa qorannoo kanaa yaad-rimeewwan adda addaa ykn yaaxxinaawwan adda addaa bu'uureffachuun kan hojjetamuudha. Kanaafuu ragaaleen qorannaa kana keessatti heeraman hunduu mala yaad-rimeen kan qaacceffamaniidha.

Qorannaaleen kun boqonnaalee adda addaa 4 (afuritti) qoodamee kan dhiyaatuudha. Boqonnaan tokkoffaan seensa qorannichaa, boqonnaa lammaffaan sakatta'a barruu, boqonnaa sadaffaan, kutaa qaaccessa hojii kanaa, Boqonnaan arfaffaan ykn kan dhumaa gudunfaa fi wabiilee ta'u.

BOQONNAA LAMA

SAKATTA'INSA BARRUU

2.1 Maalummaa Og-barruu

Ogbarruun ogummaa hawwaasaa barreeffamaan dhalootaa dhalootatti darbaa tureefi darbaa jiruudha. Geetaachoo(2005:133) irrattiyoo ibsu "ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee kanneen akka fedhii, gammachuu, hawwii fi kanneen kana fakkaatan miidhegsee ilmi namaa walitti qindeessee agarsiisuudha" jedha.

Akka waraabbii armaan olii kanatti ogbarruun waa'ee uummataa uummataaf kandhiyeessuu fi daawwitii jiruuf jireenya ilma namaa ta'uusaa ibsa.Asafaa(2009:21-22) "ogbarruun barreeffamaa mala ittiin waan hawwaasummaaf bu'aa qabu tokko waliif dabarsinuudha" jedha. Yaada kanarraa kan hubannu og-barruun barreekkamaa karaa ittiin waan hawwasaaf bu'aa qabu dabarsuu dandeenyuudha. Ogbarruu barreeffamaa keennee jedhaman kunimmoo ogwalaloo, do'ii fi asoosama.

2.2 Asoosama

Asoosamni hojii kalaqaa muuxannoo fi mudannoo ilma namaati.Geetaachoo(2005:13) "asoosamni hojii kalaqa ilma namaa ta'ee jireenya yokaan gocha hawwaasaafi uumamarratti bu'uureffate wantoota ragaan hin mirkanoofne barreessaan haala bashannansiisuun barreeffamaan dhiyeessuuf, akkasumas bifa yaadaan kan barreeffamuuf barreessuuf dandeettii, beekumsa kan barbaachisuudha" jedha. Akka waraabbii armaan olii kanatti asoosamni hojii kalaqa ilma namaa ta'ee karaa ittiin mudannoo fi muuxannoo ofii hawwaasaaf dhiyeessan ta'ee hojii barnoota gahaa barbaadudha.

Kana malees asoosamni faayidaa adda addaa qaba.Faayidaan asoosamaa inni guddaan barsiisuuf bashannansiisuudha. Barreessaan asoosamaa fedhii aadaa fi beekumsa hawwaasa naannoo isaa bu'uura godhatee waan barreessuuf dubbistoota fedhii, aadaa fi beekumsa asoosamichaa hubachuudhaan ofsirreessuu kan danda'uudha.

Asoosamni gosoota garaa garaatti qoodama. Asafaa(2009:25-26) irratti yoo ibsu "asoosa bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Isaanis:- asoosama dheeraa fi asoosama gabaabaa" jechuun qoodee

jira. Asoosamni dheeraan jaarraa 18ffaa keessa erga beekamee jalqabee hanga ammaatti gama addaa addaatiin hiikuuf yaalamee jira. Garuu hiika nomoonni marti irratti walii galan tokko lafa kaa'uun hindandaa'amne. Sababiin isaas hayyoonn hedduun asoosama kallattii kalaqaan yookiin kaayyoo barreeffama isaatiin waan walqabsiisaniif namni hundimmoo asoosama kallattii tokkoon hin barreessan waanta'eefidha. Wasanee (2008:84) "asoosamni dheeraan gosa ogbarruu keessaa tokko ta'ee dhalootaa hanga du'aatti haalli jiruuf jireenya hawwaasaa keessatti mullatuudha" akka yaada waraabbii armaan olii kanatti asoosamni dheeraan seenaa tokko jalqabaa hamma dhumaatti kan seenessuudha.

Asoosamni gabaabaan damee ogbarruu ammayyaa keessaa tokko ta'ee dhimmoota hawaasa keessatti raawwatamaniif raawwatamuu dandaa'an barreessadhaan kalaqamee yeroo gabaabaa keessatti dubbifamee kan xumuramuudha.

2.2.1. Caacculee Asoosamaa

Caacculeen asoosama tokkoof utubaa ta'uun akka asoosamichi humnaan cimaa fi tokkummaa qabaatu kan taasisuudha. Caacculeen asoosamaa kunis:- seenaa, jaargocha, namfakkii, waldiddaa, ergaa, ija, yoomessa fi fayyadama afaaniiti. Qorannoon kun caacculee asoosamaa kanneen keessaa waldiddaarratti xiyyeeffachuun kan geggeeffameedha.....wabii

2.2.1.1 Wal-dhabbi

Fedhasaa (2013:78)

Wal dhabbiin asoosama tokko gara duraatti akka yaadni isaa akka tarkaanfatuuf ga'ee guddaa kan qabuudha. hawaasni waliin oolee bulu jiruuf jireenya isaa keessatti guyyaa guyyaadhaan dhimma hojiif ta'ee kan biraaf Wal dhabbiin ni uumama. akkuma kana asoosamni immoo galagasha jiruuf jireenya dhala namaa, kan seenaa dhugaa irratti hundaa'ee barreeffamu waan ta'eef akkuma hawaasni walitti bu'aa oolu asoosama keessattis walitti bu'iinsi ykn Wal dhabbiin guyyaa guyyaatti kan uumamaa ooluudha. kanaafuu wal-dhabbiin asoosamaaf lafee dugdaa (back bone) jechuun ni danda'ama.

Yaada olii irraa kan hubannu wal-dhabbiin asoosama tokkoo akka asoosamniichi fuul-duratti deemuuf kan tajaajiluudha. akkuma hawaasni guyyaa guyyaatti walitti bu'aa jiraatu asoosama

keessattis walitti bu'iinsi akka jiru kan irraa hubannuudha.kana malees namoonni hojii isaanii geggeeffachuuf jecha osoo itti hin yaadin walitti kan bu'an yoo ta'u,jiruuf jireenya injifachuuf jechaa kan isaan taasisan ykn kan isaan of jiraachisuuf hojjetaniidha.akkuma kana asoosamni immoo gara fuula duraatti sochii geessisuuf wal-dhabbiin akka dubbistoonni sun addunyaa dhugaa keessa seenanii dubbisnii fi maaltu ta'a fuul-duratti jedhanii hawwiin kan isaan eegaa dubbisaniidha

Qorannoon tokko yoo geggeeffamu barruuleen adda addaa mata duree isaan Wal fakkaatan ykn walitti dhufeenya kan qaban sakatta'uun barbaachisaadha.Sababni isaa sakatta'insichis qo'annoo tokko akka ragaatti gargaaruu danda'a.kana jechuun karaa ifa ta'een mata durecha waliin kan Wal qabatuu fi walitti dhufeenya kan qabu jechuudha.haaluma kanaan qo'annoon kun sakatta'iinsa kana keessatti barruulee wal-fakkii fi yaada hayyoota adda addaa fudhatee ibsa itti Kennee jira.

Waldiddaan caacculee asoosamaa keessaa isa tokkodha. Waldiddaan asoosama tokko keessatti asoosamichi gara fuula duraatti akka tarkaanfatu yaanni yookiin ergaan barreessaan dabarsuu barbaade akka galma ga'u gochuu keessatti qaama gahee olaanaa taphatuudha. Akkasumas walitti bu'iinsa namfakkii seeneffama tokko keessatti argamaniidha. Beekan (2012: 24) "jireenya dhugaa keessatti namoonni bu'aa ba'ii jireenyaa hedduu waliin wallaansoo walqabaa oolu. Qabsoowwan kanneen jiraachuuf, wantoota jireenyaaf barbaachisan guuttachuuf, waan fooyya'aa argachuuf yokaan waan hawwan mara guuttachuuf geggeeffama. Jiraachuuf yokiin fedhii ofii guuttachuuf immoo namoota garaa garaa waliin hariiroon ni uumama" jedha. Akka waraabbii kanaatti waldiddaan jireenya dhugaa namoota bu'aa ba'ii addaa addaa keessa darbuudhaaf wantoota hedduu wajjin namoonni wallaansoo walqabaa oolu yoo ta'u, Kun immoo waldiddaa jedhamee beekama.

Wal dhabbiin adeemsa jiruuf jireenyaa keessatti dhalli namaa walii galuu dhabuudhaan garaagarummaa yaadaa,ilaalchaa,yaadaa,kaayyooo, fedhii fi Wal -hubachuu dhabuu qaamolee adda addaati.kunis kan uumamu qaama adda addaa lamaaf isaa ol gidduutti kan uumamuudha.haaluma kana sababeeffatanii hayyoonni gara garaa wal-diddaa Haala Wal fakkaatuun hiika itti kennu.Akka Daandii Abdataa (2012:4) Zarihuun (1996:76) wabeeffachuun ibsutti:-"Nam-fakkiileen addunyaa asoosamaa keessa jiran walitti dhufeenya seenaa asoosamaaf

qindaa'eef keessatti saba garaagaraa walitti gadduu fi walii galuu dadhabuudhaan mudata. Akka kanaan walitti bu'iinsi taasifamu wal-diddaa jedhama."

Yaada olii kana irraa kan hubannu rakkoon gama adda addaan nam-fakkiilee gidduutti uumamee akka isaan wal-dhaban godhu,wal-diddaa jedha.

Wal-diddaan akkuma caaculee asoosamaa kanneen biroo jaargocha asoosama tokkoo ijaaruu keessatti baay'ee barbaachisaadha.yaada kana toorri interneeti "http://www.cios.org/encyclopedia/conflict/asignificance2_relationships.htm" jedhamu yoo ibsu "conflict is important for fiction because must readers find trouple interesting.in addition conflict can be an effective device for driving a plot"jedha.

Wal-diddaan hojii kalaqaatiif baay'ee barbaachisaadha.sababni isaas dubbistoonni baay'een wanta fedhii isaanii kakaasu barbaadu.dabalataanis wal-diddaan asoosama tokka keessatti seenaa jaargochaa gara fuul-duraatti oofuuf gargaartuu fi fedhii keessoo dubbisaa kakaasuu keessatti ga'ee kan qabu ta'uu hubanna.haaluma wal-fakkaatuun Birhanun (2009:36) irratti akka ibsetti "the struggle between two opposing forces can created the storys conflict.is an essential element becouse it move the storys forward.The conflict also releated to the element of theme.

Akkuma olirratti ibsame ,wal-diddaan caaccuu barbaachisaa seenaa asoosamaa tokkoo gara fuul-duraatti akka deemu godhuu fi jaargocha asoosama wajjin walitti hidhatiinsa cimaa kan qabu ta'uu isaa irraa hubanna.kanaaf faayidaa wal-diddaan qabu guddaadha.dabalataan Misgaanuun (2012:25) wal-diddaan asoosamaa akka lafee dugdaa jaargochaati kan ilaalamuudha"jedha.Yaada waraabbii kanaa irraa kan hubannu wal-diddaan akkuma namni yoo lafee dugdaa qabaatu male dhaabbachuu hin dandeenye asoosamnis wal-diddaa malee dhaabbachuu akka hin dandeenye ittiin ibsuuf mala dubbii kanatti fayyadamuu isaa hubanna.

Kanaafuu barbaachisummaan wal-diddaa akka salphaaatti kan ilaalamu miti.walumaa gala yaadota armaan olii irraa akka hubannutti wal-diddaan:-

- ❖ Hojii seeneffama tokkoo fuul-duratti deemsisa.
- ❖ Seeneffama tokko lubbuu godhachiisa.
- ❖ Akka lafee dugdaa jaargochaatti ilaalamuu isaati.

2.2.1.1.1. Gosoota Wal-dhabbi

Waldiddaan gosoota garaa garaatti qoodamu. Fedhasaa(2013: 79) "waldiddaan gosoota gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis:- Waldidda keessaa fi waldiddaa alaati" jedha. Akka yaada kanaatti waldiddaan bakka lamatti kan qoodamu ta'uu isaa fi waldiddaan keessaa kan namni yaaduma ofii isaatiin waldhabu yommu ta'u, waldiddaan alaammoo kanneen akka namaa fi namaa, namaaf hawwaasaa fi namaaf uumaati.

Kana malees akka Berhanu Mathews (2009) yommuu ibsu ,"gosoota wal-dhabbi shantu jiru.isaanis:Wal-dhabbi namaa ofiisaa,namaa fi namaa,namaa fi hawaasaa,namaa fi uumamaa,namaaf uumaa(waaqaati).dabalataanis caaltuu warqinaa(2005:6-7) John A bidden (1982) wabeeffachuun akka ibsitutti:wal-dhabbiin akaakuu sadiitti qoodama.gosti wal-dhabbi inni bu'uuraa ykn qaamawwanii isa tokkoodha.waldhaansoo namaa fi qaama addynyaati.kan namaa fi humna uumama gidduu bakka bu'a.Gosti wal-dhabbi inni biroon kan hawaasaat.Wallaansoo namaa fi nama gidduu,kan goobaan galeessaa fi carraati.gosti wal-dhabbi inni sadaffaan keessoo ykn kan xiin-sammuuti.wallaansoo fedhii namicha keessa jiruutii.Akka Glencoe (2000) ibsetti:wal-dhabbiin seenaa baay'ee ijaaruu irratti ga'ee kan qabuu fi seenicha keessatti Kan fala argatuudha.kan nam-fakkiileen humnoota alaan walitti bu'aa, kan nam-fakkii biroon walitti bu'an, hawaasaa fi uumamaan kan walitti bu'an, hawaasaa fi uumaa, akkasumas Wal dhabbi keessaa keessatti immoo kan namni sammuu isaa waliin, kaayyoo fi fedhii isaa irratti godhuudha. Kanaaf , gosootni wal-dhabbi humnoota wal-dhabbi gidduutti uumamuun garaa gara ta'uu hubanna.

Yaadota olii irra kan hubannu hayyoonni garaa garaa iddoo adda. addaatti qoodanii jiru.kanuma irraa ka'uun kanneen armaan gadiitti qoodnee haa ilaallu.walitti bu'iinsi kuni garaagarummaa ilaalchaa, amantaa, siyaasaa, kaayyoo, ejjennoo fi eenyummaa nam-fakkiiwwan qaban irraa ka'uun kan uumamanidha.Dabalataanis:inni tokko isa biroo caalee faayidaa argachuuf, fudhatama qabaachuuf, caalee argamuuf yoo carraaqu walitti kan bu'udha.

A) Wal-dhabbi Keessaa

Wal-diddaan keessaa walitti bu'iinsa namni sammuu isaa wajjin godhuudha.kana kan jennu namni waan tokko murtii mataa isaa irra ga'uu dadhabuudhaan kan inni of falmu ykn kana moo kanatu ta'a jedhee gara itti goru wallaaluun ykn filannoo dhabuudha.kun kan ta'u immoo yaadonni wal-madaalan ykn faayidaa gar-lamee kan ta'an yoo ta'u lamaan isaanii iyyuu jaallachuudhaan filannoon kan rakkisuudha.

Wal-dhabbi xiin-sammuu

Wal-dhabbiin kun kan uumamu yeroo qooddataan sammuu isaa wajjin walitti bu'uudha.kunis haalota adda addaa irraa ka'uun ta'uu danda'a.Melakneh(2008:207) irratti yoo ibsu "internal conflict is a conflict which is takes place b/n two contending forces in the mind of the hero".yaada kanarraa kan hubannu wal-diddaan keessaa walitti bu'iinsa yaadota faallaa lama kan sammuu qooddataa keessatti argaman gidduutti raawwatamu akka ta'eedha.wal-dhabbiin akka kanaa wal-dhabbi xiin-sammuu jedhamuun kan beekamuudha.kana malees wal-dhabbi ofiiniis ni jedhama.

Namfakkiin tokko yommuu sammuu isaa wajjin walitti bu'u uumama. Fedhasaa(2013: 29) "keessumaayyuu hayyu dureen kaayyoo isaa fiixaan baafachuurratti yeroo baay'ee sammusaan bakka lamatti qooduudha. Waldiddaan kun waldiddaa keessaatti ramadama. Mormiin isaa kunis, wantoota sammuu namaa dhiphisaa kaayyoo fi fedhii irraa kan madduudha" jedha. Waraabbii kanarraa kan hubannu, gosti waldiddaa kanaa namni kaayyoosaa fiixaan baafachuuf jecha yeroo inni yaada isaa wajjin walfalmu jechuudha.

(Daandii Abdataa,2012:7),(Holt,Rinehart fi Winston,2005:89) wabeeffachuun yoo ibsu"internal conflict is a clash between opposing forces that exist with in apersons mind" jechuun ibsa .yaada kana irraa kan hubannu Wal -dhabbiin keessaa kan kan namni ofii isaa waliin wal-dhabuusha.

B) Wal-dhabbi Alaa

Waldiddaa alaa kan jedhamu mormii namfakkiin tokko namfakkii naannoo isaa irratti ka'udha. Fedhasaa(2013:80) "waldiddaan uumamumasaatiin ofii wajjin osoo hin taane namfakkii yookiin waantota biroo wajjin ta'uudha" jedha. Akka waraabii kanaatti waldiddaan alaa namfakkiin naannoosaa yookaan namfakkii biroo wajjin yommuu waldhabdee uumu jechuudha. waldiddaan alaa gosa afurtu jira. Isaanis:- waldiddaa namaa fi namaa, waldiddaa namaa fi uumamaa, waldiddaa namaa fi hawwaasaa, waldiddaa namaa fi uumaa jechuudhaan qoqqoodamu.qamootni waldorgoman yookiin walmorman lama yommuu isaan olaantummaa isanii agarsiisuuf carraaqaniidha.Carraaqiin isaan taasisanis wantoota adda addaa faana akkasaan walitti bu'an isaan tasiisa.namfakkiin olaanaan kaayyoo isaa galmaan gahachuuf jecha yommuu asiifi deddeebi'u qamoota hedduu waliin walitti bu'iinsa uuma.

C) Wal-dhabbi Namaa fi Namaa

Gosti waldiddaa kanaa gosoota waldiddaa alaa keessaa isa beekamaadha. Fedhasaa(2013:80) "waldiddaan namaa fi namaa waldhabdee namfakkii fi namfakkii gidduutti uumamuudha. Waldiddaan haala kanaan uumamu wal inaaffaa fi yaadaan waldhabuurraa madda" jedha. Akka waraabii armaan olii kanaatti waldiddaan namaa fi namaa wal dhabdee namfakkiiwwanii irraa kan uumamuudha.

D) Wal-dhabbi Namaa fi Hawaasaa

Wal-diddaan gosa akkanaa mormii taatoon tokko ykn nam-fakkiin tokko aadaa,duudhaa,heeraa fi seera hawaasa keessa jiraatuu waliin godhuudha.namni yeroodhuma dhalatu irraa kaasee fedhii dhuunfaa isaa akka qabu hayyoonni xiinsammuu ni dubbatu.aadaa fi duudhaa hawaasni ittiin jireenya isaa qajeelfatu immoo fedhii dhuunfaa sana daangessuu danda'a,yeroo kana nam-fakkiin tokko duudhaa,aadaa,haala jireenya hawaasaa fudhachuu dhiisuun diddaan uumama.

Waldiddaa kana keessatti qooddataan waldiddaa kan geggeessu hawaasa tokko bakka bu'uu dhaani hawaasa biraa mormuudhaan amantaa,ilaalcha hawaasa tokkoo fi kkf mormuudha.kanumarraa ka'uun seera ittiin bulmaata hawaasa tokkoo mormuudhaan ykn fudhachuu dhiisuudhaan garee hawaasa sanaa gidduutti wal-dhabbi uuma.kana keessatti wanti nuyi hubachuu qabnu qooddataan tokko qafaa isaa dhaabbatee hawaasa ykn garee tokkoon kan mormuudha.Yeroo kana mormii qooddataa fi hawaasa gidduutti uumamu jechuudha.kunis wal-dhabbi namaa fi hawaasaa jedhama.

D) Wal-dhabbi Uumamaa/namaa fi uumaa

Yeroo tokko tokko qooddattoonni asoosamaa jiran keessatti baayyee jajjaboo taa'anii argamu. Kunis aadaa waan godhaniif waldiddaa isaanii olta'ee wajjin wallaansoo uumuudha. Waldiddaan humnoota uumamaas kan uumaas yeroo humnoonni uumamaa kun yaada isaanii galmaan ga'achuuf dhorkaman yookaan fedhii isaanii galmaan ga'uuf daanga'aniidha.wal-dhabbiin namaa fi uumama gidduutti kan ta'u namni jiraachuuf jecha wallaansoo uumama waliin yeroo taasisan ni argama.Zarihun (1996:176),akka ibsutti "Namni kallattii gara garaan nama waliin walitti bu'uu danda'a.kunis itti jiraachuuf jecha walitti bu'a.akka fakkeenyaatti yoo ilaalle qote bulaan tokko bosona ciree itti fayyadamuuf jecha uumama waliin wal-dhaba".

Yaadni kun kan ibsu namni jiruuf jireenya isaa keessatti jireenyaan wallaansoo wal qabuuf jecha uumama waliin akka wal-dhabu hubanna.kun immoo rakkoon beelaa akka isa hin mudanneef jecha kan inni maatii isaa, naannoo isaa fi kkf fayyadee ofiis fayyadamuuf kan inni godhuudha.

Namfakkoonni yeroo bu'aa ba'iin jireenyaa isaanitti ulfaatuu fi fedhiin isaanii guutuu didu uumamuu isaaniitti gaabuurraa kanka'e uumaa isaanii komatu yokaan mormu.

Fedhasaa(2013:80) yoo ibsu;

addunyaan kun taatee uumamaan taatee jirti.humni cimaan ishee hoogganus bakka hundaa jira.balaan uumamaan dhufus sanaan wal qabatee jireenya dhala namaa,darara.Beelli,qilleensi;obonboleettiin/bubbeen,roobni,gogiinsi,cabbiin,kirkirri lafaa ykn dho'iinsi volkaanoo ,balaan ibsaa,dhukkubbiwwan qaamaa fi wantoonni kanaaf kana fakkaatankaayyoo dhala namaatti gufuu ta'uuf wantoonni isaan godhan hedduudha.namoonnis wantoota karaawwan adda addaa ittio dhufan kana ofirraa

qolachuudhaaf ykn dandammachuuf bu'anii ba'u.kunis kan mullisu wal-dhabbii isaan uumaaf uumama gidduutti godhan kan mullisuudha.

Akka yaada olii kana irraa hubannutti wal-diddaan uumamaa fi namaa ykn namaa fi uumaa gidduu jiru kana injifachuuf uumamtoonni jiruuf jireenya isaanii geggeeffachuuf bu'aa ba'ii isaan taasisan kan agarsiisuu fi wal-dhabbii isaan gidduutti uumamu nutti agarsiisa.

F) wal-dhabbii teeknoolojii

Gosti wal-diddaa kana kan uumamu qooddattoonni asoosama keessatti argaman wantoota teeknoolojiin wal-qabatanii wajjin walitti bu'iins geggeeffamuudha.qooddattoonni asoosamaa waan haaraa argachuuf teeknoolojii gargaaramu.haa ta'u malee maashinoonni adda addaa yeroo isaan dhimma tokko galmaan ga'uuf socho,an ykn hojii tokko hojjechuuf jedhan hojii isaanii ykn kaayyoo isanii harkatti fashaleessuun ykn isaanuma irratti dhiibbaa uumuun kan mullatuudha.yeroo kanatti wal-diddaatu uumama.

2.2.1.1.2.sababoota wal-dhabbii

Wal-diddaan wantoota ykn humnoota gara garaa gidduutti raawwatamuuf ,sababni ga'aa ta'e jiraachuu qaba.yaada kana misgaanuu (2013:25) yeroo ibsu wal-diddaan uumamuuf kanneen wal-morkatan kan walitti buusuu danda'u sababni ga'aa fi amansiisaa jiraachuu qaba.sababni walitti bu'iinsa kun kan jireenya dhugaa keessatti nama wal-dhabsiisu ta'uu danda'uu qaba.”jedha.yaada kana irraa wanti hubatamu wntoonni wal-diddaa uuman kan addunyaa dhugaa keessatti walitti bu'iinsa ga'aa fi amansiisaa ta'an jiraachuu akka qabuudha.kunis siyaasa,diinagdee,amantaa,fi kkf ta'uu danda'a.

Kana malees Birhanun (2009:36) irratti waa'ee sababa wal-diddaa kana yommuu ibsu “protagonist struggle to achieve a certain motive” jedha.Yaadni kun kan agarsiisu nam-fakkii,muummeen ykn galma yaade tokko ga'uuf kan tattaafatu ta'uu isaati.kunis sababa wal-diddaa ta'ee argamuu danda'a.walumaa galatti sababoonni seenaa asoosama keessatti wal-diddaa uuman kanneen namoonni addunyaa dhugaa keessatti akka wal-dhaban taasisaniidha.

2.2.1.1.3 Amaloota Wal-dhabbi

Asoosamni tokko asoosama kan ta’u caaculeen asoosamaa wal-keessa galanii tokko ta’anii yoo dhaabbataniidha.caaculeen asoosama tokkoof barbaachisaa ta’an keessaa wal-dhabbiin isa tokko.kunis seenaa asoosama sanaa gara fuula duraatti akka deemuuf kan godhuu fi asoosama tokkoof akka lafee dugdaatti kan ilaalamuudha.yaada kana ilaalchisuun Encyclopedia of human behavior (1994:675) irratti amala wal-dhabbi yoo ibsu “my be defined as difference or in comparability between people.the differences has behavioral,cognitive and social aspect that are communicative in nature”jedha.yaada kana yoo ilaallu wal-dhabbiin uummata biratti kallattii garaa garaatiin kan uumamuudha.garaagarummaan kunis,amalaan,xiin-sammuu fi gocha hawaasaa uumamaan taasifamu argisiisa.wal-dhabbi bu’a qabeessa kan isa taasisu amala mataa isaa qaba.Akka yaada Jaffe fi Scott (1996:5) irratti ibsanitti “amaloota wal-diddaa kan ta’an kanneen akka tokkummaa,amanamummaa fi dagaagina jechuun kaa’u.

Tokkummaa (unity)

Amaloota wal-diddaa taatotaa xiinxaluu keessaa kan akka jalqabaatti ilaalamu amala tokkummaa isaati.maalummaa tokkummaa wal-diddaa irratti Jaffe fi Scott (1996:3) irratti “qindaa’ina jechuun kan adeemsi wal-diddaa seenichaa jalqabaa kaasee hanga dhumaatti wal-hordofaa deemuudha”jedhu.yaanni kun kan nu hubachiisu og-barruu keessatti kan yaanni uumu/kalaqu jalqabaa kaasee hanga dhumaatti hariiroo kan qabaniidha.kunis sabseenni isaa kan wal-qabatuudha,ykn yaanni wal-diddaa uuman kan wal-gad-dhiisaa deeman miti.

Amanamummaa(reliablity)

Waa’ee amala wal-diddaa ilaalchisuun Quinn,(1994:4) yoo ibsu “amanamummaan haala jireenya dhugummaa nam-fakkiilee ta’ee waliin dubbii ykn yaadni nuti dhiheessinu qabatamaa kan jireenya addunyaa dhugaa wajjin wal-hin dhabne ta’uu qaba.garuu guutummaa guutuutti osoo hin taane hamma tokko fakkeeffamuu kan qabuudha”jedha.yaadni amanamummaa ibsuuf kenname kun akka walii galaatti akn agarsiisuu barbaade,adeemsa wal-diddaa kan ta’an hundi dhugaa irratti kan hunda’an ta’uu qabu.kunis haalli dubbii nam-fakkii fi gochi isaan raawwatan qatamaa ta’uu qaba.

Dagaagina (development)

Amala dagaaginaa kan agarsiisu wal-dhabbiin jijjiiramaa kan deemu yoo ta'eedha.yaada kana Jaffe fi Scott (1996:4) yoo ibsan akkana jedhu;- “jijjiirama mullatu keessatti qooddataan bu'a qabeessa yeroo ta'u, inni biroon immoo humnoonni lamaan wal-morman irratti hirmaatanii cimina isaaniin wal-qabatee guddachaa adeemuu qaba.isaan kana raawwachuu jechuun gama biroon wal-dhabbiin asoosamichaa bu'a qabeessummaa keessatti kan dagaaguudha jechuudha” jedhu.yaada kana irratti wal-dhabbiin asoosama tokkoo kan inni dagaage jedhamu.yeroo qooddataan asoosamicha jijjiirama bu'a qabeessa ta'e, argameedha.akkasumas,wal-dhabbiin uumama waliinii keessatti ciminni humnoota wal-morman sana wal-madaaluun hanga dhumaatti yeroo deemuudha jechuu isaati.

2.3. Sakatta'a barruu wal-fakkii

Akkuma beekamu barruu irratti qo'attoonni adda addaa karaa gara garaa qorannoo gaggeessaa turaniiru.barruuwwan kana keessaa qqbiyyeen isaa wal-diddaa irratti Kan qoratames akkasuma ni jira. Mataduree qorannoo kanaan walfakkaatanii qorannoowwan kanaan dura qoratamanii jiran hedduu ta'us muraasa isaanii keessaa yoo ilaallu tokko Caaltuu warqinaa (2005) “*xiinxala wal-dhabbiin fi ergaa asoosama faaya mormaa* mataduree jedhurratti xiinxala ergaa wal-dhabbiin fi wal-diddaa isaa irratti mala qorannoo akkamtaa fayyadamee ragaawwan madda jalqabaa ykn bu'uuraa argameen rageeffachuun wal-diddaa barrucha keessatti argame ibsee jira.

Daandii Abdataa(2012) mataduree — “*xiinxala wal-dhabbiin asoosama dirmammuu keessatti* “jedhurratti faayidaa wal-dhabbiin asoosama keessatti qabu xiinxaleera.haa ta'u male gosoota wal-dhabbiin jiran guutummaatti haala barbaadameen hin ibsine

Asnaaqech xilahuun (2010).”*qaaccessa wal-diddaa asoosama dheeraa hambaa du'aa keessatti*”jedhu irratti ciminaan ibsiteetti.

Qorannoon qorattuun kun geggeessaa jirtu immoo *xiinxala asoosama gabaabaa yeroon siif haa dhiistu* jedhu fudhachuun wal-dhabbiin isa keessa jiru maalummaa isaa,faayidaa isaa,fi kkf niin ibsiteetti.

BOQONNAA SADI

QAACCESSA RAGAALAA

3.1. Ibsa gabaabaa waa'ee kitaabichaa

Kitaabni maqaan isaa yeroon siif haa dhiistu jedhu kun kan barreeffame nama maqaan isaa Isaa Isayyaas Hordofaa jedhamuun bara 2013 A.L.I ture.kitaabni kun boqonnaawwan 11 fi fuula 172 kan qabuudha.barreessaan kitaaba kanaa gosoota wal-dhabbii gurguddoo lamaan(wal-diddaa keessaa fi alaa) fayyadamuunidha. wal-dhabbii keessaa keessaa damee guddaa kan ta'e wal-dhabbii xiin-sammuu ykn ofiiniitti fayyadameera.akkasuma gosoota wal-dhabbii alaa keessaa immoo wal-dhabbii namaaf namaa,wal-dhabbii namaaf uumamaa,wal-dhabbii namaaf uumaa,wal-dhabbii teekninoolojii fi wal-dhabbii namaaf hawaasaatti gargaaramuun asoosamicha barreesseera.qooddattoonni olaanoon asoosama kana keessatti argaman: Solomoon,Yeroon,Diggittii,Naahilaanii,Abdallaa,Qonjiit,Birqee,Wayinisheet,Kibbinesh,Abbaa Garoo,aAadde Handarii,biibii,Gaazexeessaa Eliyaas fi kanneen biroodha.

Asoosamicha keessatti haadha seenaa ta'uun kan beekantu Yeroonidha.Yeroon dhalattuu magaalaa jimmaati. Abbaan ishee Abbaa Garoo jedhamu.Magaalaa Jimmaa keessaa Baabura Afur qabu.kana malees magaalaa Finfinnee keessaa dunkaana(Suuqii) meeshota gegeddera konkolaataa qabu.Abban Garoo Sababa dhukkuba Asmii waan qabaniif magaalaa Jimmaa irraa gara Finfinnee deemuun yeroo yerootti deebianii yaalamuurra mana isaanii isa Finfinnee jiru keessa turanii hojii hojjechuu filatan.Yeroon mana isaanii Magaalaa Jimmaa jiru keessa Abdallaa kan abbaan ishee Guddisanii fi ijoolota biroo kan mana isaanii kiraayii fudhatan waliin jiraachaa barumsa ishee kutaa 11ffaa itti fufte. Nama dandeettii addaa qabduudha.barattuu kutaa 11ffaa yeroo turtetti barattuu cimtuu fi fiigicha illee 100m fiiguudhaan 1ffaa baatee meedaaliyaa kan fudhatteedha.Haaluma kanaan osoo jirtuu adeemsa keessa gurbaa maqaan isaa Solomoon jedhamu kan Aadde Diggittiitti galee waliin jireenya abbaa manaa fi haadha manaa jiraachaa jiran waliin wal-barte. Solomoon dhalataa magaalaa Aggaarooti.Solomoon taphataa fi ispoortiitti nama jabaadha.Solomoon hojii mootummaa ni qaba.nama guyyaa guyyaatti shamarran adamsaa fi kiyoo isaa keessa galchuun shamarran hedduu boossisaa ooluudha.Yeroon utuuma amala solomooniin beektuu fi akka inni haadha manaa qabu beektuu jaalala isaa keessa galte.Osoo akkanaa jiranii Solomoon waliin ciistee,durbummaa ishee irraa fudhate.sana booda ni

ulfoofte.Solomoon Aadde diggittii dhiisee akka ishee fuudhu ta'e.Yeroonis barumsa ishee achumarratti addaan kutte.Solomoon waggaa lama erga Jimmaa waliin turan.waggaa lama booda dhoksee dhoksee konkolaataa isaan shamarran biroo akka isaa duriitti deebi'uun wajjin jiraachuu eegale.booda doorsisa Aadde diggittiin Yeroo doorsisanii fi Solomooniin ajjeesisuuf yaalii isaan godhan sodaachuun gara magaalaa finfinneetti imalan.fimfinneetti mana maatii Yeroofaa keessa jiraachuu eegalan.Solomoon fi zeroon acittis Dunkaana (Suuqii) banatan.Jireenya gaariis jiraachuu eegalan.haaluma kanaan solomoon osoo suuqii keessaa waan adda addaa gurguruu Qonjiit suuqii isaa dhaqxe.ampoolii 10 irraa erga bittee booda bilbila isaa taappellaa irraa qabatee deemte.yeroo biraas bilbiltee wal-baran.haaluma kanaan solomoon waliin turtii muraasa booda wal-fuudhan. mana maatii Yeroos ishee gurgursiisee fixe.Qonjiit hoteela beekamaa waan qabduuf qabeenya yerooniin guuree achitti deeme.Yeroonis hiyyummaatti kufte.Yeroon turtii muraasa booda gara qaama ishee gurgurtee jiraachuutti dhufte.osoo kanaan jirtuu ijoollee lama Naahilani fi Hedanii qabatee mana kiraayiitti galte.Hedaniin turtii muraasa booda carraa biyya alaa argate.Naahilaniin garuu barnoota isaatti cimaadha. Finfinnee Yuunversiitiitti seeraa baratee eebbifame.Abbaa seeraa ta'ees hojii egale.Yeroonis barnoota isheetti deebitee baratee yuunversiitii seentee xiqur ambessaatti medicine baratte.dooktera gaarii ta'uun hojii eegalte.Dhuma irratti haati Yeroo aadde handariin turtii waggaa hedduu booda Abdallaa kan Abbaan Garoo guddise,nuti abbaa manaaf haadha manaadha jedhee kasase.Jimmaatti Abdallaadhaa murteessan.Aadde Handariin ol iyyannoo fudhatanii gara magaalaa Finfinnee dhufan.Naahilaniinis dhugaaf waan hojjetuuf qabeenya jiru hunda Aadde Handariidhaaf murteesse.Yeroo harmee isaatiinis galee jaartiin wayii akka magaalaa Jimmaatii dhufan itti hime.erga murtii murteesseefii booda dhumarratti na eegaa yeroon waajjiraa ba'u jedhe.mana isaatti fuudhee yoo galuuf deemu Jaarsi biraa Naahilaniin nan beela'ee qarshii naaf kenni jechaa duukaa deema.Naahilaniinis kottu waliin mana koo galla jedhee fuudhee deeme.Naahilaniin yoo mana ga'u yeroon Aadde Qonjiitiin konkolaataan waan caccabseef mana isheetti fuutee galtee achi jirti.Naahilaniinis yoo ol galu Akkoo ishee kana beektuu? jedhee Yerooniin itti agarsiise.Aadde Handariinis Akiimiidhaka ilma ko ittiin jedhan.innis kun intala keessan Yeroo intala abbaa garooti jedhe.Ani immoo Naahilan Solomoonidha jedhee hunduu walitti marman.Jaarsi isaanii wajjin dhufes uuuuuuuu jedhee iyyee animmoo Solomoon Abbaa Naahilaaniiti Yeron Yeroon jedhee iyye.Aadde Handariinis maqaa ishee hin dhayin.situ mucaa wallaaltuu gowwomsee fuudhee jireenya keenya olii gadi balleessee jette.Qonjiitis jaarsa iyyu

kana argitee solomooniin ta'uu isaa hubatte.erga boossee booda kan kursii kanarra na teessise namicha kana jettee boosse.animmoo hamaa siif hin hawwu waaqayyo siif haa dhiisu jette.innis waaqa miti **Yeroon naaf haa dhiistu** jedhee fiigaa karaa aspaaltiitti yoo ta'u taaksiin gara ministeera barnootaa irraa masaraa mootummaa deemaa jiru akka inni lammata lubbuu hin horretti rukuttee dhiiga isaa dhangalaaste.

Haati Yeroo yeroo kana dhuguma Yerootti taphatteetta **“Yeroon siif haa dhiistu Yeroon siif haa dhiistu”** jedhani jedhee mata duree kitaaba kanaa kan inni irratti mogga'e dhuma irratti ibseera.(Isayyaas fuula 171)

3.2. Qaaccessa wal-dhabbii asoosama “yeroon siif haa dhiistuu”

Boqonnaa kana keessatti ragaaleen boqonnicha keessatti argaman sirriitti dubbisuun kan qaaceffamuu fi hiikni itti kennamuudha.akkaataa itti qaaceffamee fi hiikni itti kennamu immoo wal-dhabbii asoosama “yeroon siif haa dhiistu” keessa jiran haala barreessaan asoosamichaa fayyadamee barreesse irratti hundaa'uun kan qaaceffamuudha.haaluma kanaan asoosama kana keessatti haala wal-dhabbiwwan ittiin uumaman irratti kan xiyyeeffatuudha.qorattuun kunis haaluma kana irratti hundaa'uudhaan wal-dhabbiwwan asoosamicha keessatti argaman kan addunyaa dhugaa waliin wal-fakkaatee barreeffame yoo ta'u gosoota wal-dhabbii achi keessa iran irratti xiyyeeffachuudhaan kan qaaceffamuudha.

Asoosama kana keessatti asoosaan yeroo kalaqu namoota addunyaa dhugaa kana keessa jiran waliin wal-fakkeessuudhaan amalaa fi gochaan wal-dhabbii qooddataan qooddataa waliin taasisu,wal-dhabbii qooddataan uumama waliin taasisu,wal-dhabbii qooddataan uumaa waliin taasisuwal-dhabbii qooddataan ofii isaa waliin ykn xiin-sammuu isaa waliin taasisu,wal-dhabbii qooddataan teeknoloojii waliin taasisu,dalagaa isaanii addunyaa dhugaa dalagaa isaanii addunyaa dhugaa waliin wal-fakkeessuun uumeera.haaluma kana irratti hundaa'uun qorattuun qorannoo ishee qaaccessiteetti.

3.3. Gosoota wal-dhabbii asoosamichaa.

Asoosamni kun akkuma duraan kaasnee turre wal-dhabbii gosa lama of keessaa qaba.isaanis wal-dhabbii keessaa fi wal-dhabbii alaatti qoodamanii jiru.

3.3.1. Wal-dhabbii keessaa asoosama “yeroon siif haa dhiistuu”.

3.3.1.1. Wal-dhabbii ofiinii/xiin-sammuu.

Solomoonii fi ofii isaa

Faayilii tokko fuudhee of fuul-dura kaa'ee, ciqilee isaa lamaan minjaala irra dhaabee, barruu harka isaa lamaaniin maddii isaa qabatee, ija isaa isaa balbala kutaa hojii isaa irra dhaabee yaadaan fagaatee deemeera. sammuu isaa keessa yaada lamatu naanna'a kamiin gatee kamiin akka fudhatu wallaala. Gidduutti immoo “maalii? murtiin kankooti. kanin barbaade filachuun mirga kooti”. Jedha. xiqqoo turee immoo “hiriya malee dhaqanii geggeessaa malee galanii jedhu mitii mammaaksa keessatti?” jedhee qofaa isaa dubbata. ammas turee “...garuu warqeen of harkaa qaban sibiilatti lakka'ama jedhu mitii? Kopheen ani keewwadhu, suufii fi shamiziin ani uffadhu, sireen ani irra rafu, nyaati ani nyaadhu, manni an keessa jiraadhu, wiiskiin ani dhugu eenyuutu argataa? hojjetaa mootummaa isa kamtu akkas jiraataa? miindaa koo kan ji'aa birrii 230n jireenya kana jiraachuu hin danda'u. abbaaf haati kook an naaf erganiinis miti. abbaan koo ima koo miti jedhee na ganeera” jedha. yaadni isaa ini kaan immoo yaada isa qajeelaadha jedhee yaade duraa faallessa.” ...maal godharee anoo akka daa' imaa kan namni itti uwwisee, obaasee fi nyaachisee nyaachisee na jiraachisu malee anoo miindaa koo kanaan hiriyoota koo wajjin bashannane bashannansiisuu hin danda'u. maal godhaa akka mucaa wallaaltuu to'annaa namaa jalaa'oo hin baane” jedha. itti fufees “...gara biraan immoo kan naaf game oduu namootaati. jaartii dullattii harmee isaa taatutti horiisheef jedhee itti gale kan jedhantu boqonnaa na dhorkaa jira. dhuguma isaaniiti. hiriyoonni koo magaalaa jimmaa kana keessa guutanii osoo jiranii...” jedha. deebiseemmo; “murtiin koo sirriidha. isheedha hiriyaan koo. yeron hiriyaa kooti. wal-gitna. isheen waggaa 17, an 25. dargaggooti, qondaaltoti fi tuujarooti magaalaa kana kan fuudhaaf isheetti wal-caccabsan lakkoofsi isaani xiqqaa miti. kana iyyuu ana taanaan malee eenyu ishee argataa?” jedha. Solomoon kana hunda kutaa mana hojii isaa keessa taa'ee... kaleessa galgala eessa akka bule aadde diggittiin yoo isa gaafatan deebii kennu sababii tokko uumuun baay'ee isa rakkise. gaafatamuu isaas ni beeka. sababni isaa erga aadde diggittiitti galee, dubartii gara biraawajjin, hoteela gara biraas bulee hin beeku. (Isayyaas, 2018:7-8)

Yaada olii kana irraa kan hubannu solomoon yaadota adda addaa sammun isaa isa ajaju hedduu argina.yaadota kanas al-tokko hin ta'a jedhee fudhatee,al-tokko immoo kan inni ofiidhuma isaa akka waan namni biraan waliin haasa'aa jiruutti ofii isaatiin falma.wal-dhabbiin isaa kun immoo kan irraa hubannu sammun isaa akka walaalammii ta'ee jiruu fi murtii irra hin geenye irraa hubanna.keessattuu qabeenyaaf jedhee nama umuriin isa hin gitnetti galuun isaa jireenya isaa kan dhiphisuu fi sababii kanarraan kan ka'e jechi hawaasni ittiin jedhu daran kan isa aarsuudha.haa ta'u malee faayidaa Diggittii irraa argatu immoo gaafa yaadatu kan ittiin of jajjabeessuu fi nama hundaa ol akka jiraachaa jiru kan ittiin dhaadatuudha.kana malees Diggittiin wantoota hunda haa guuttuuf malee qarshii itti kennuu dhiisuun ishee fi akka inni hiriyoota isaa waliin qarshii kan isheen affeeruu akka hin dandeenye dhorkuun ishee immoo jireenya daa'ima akka jiraachaa jiru ykn aboo abbaan manaa tokko qabu akka hin qabne yoo yaadatu daran kan isa aarsuudha.kanuma irraa ka'uun yaadotni kitaaba kana keessatti mullataniif wal-dhabbiin kun isa bu'uura akka ta'e irraa hubanna.kan inni irra ga'us yaadni isaa ammaaf murtii haa dhabu malee dhiibbaa hagarii akka inni gara dhumaatti irratti uumu waliin haa ilaallu.

Solomoon bakka taa'uu osoo hin ka'in barcuma isaa irratti gogee hafe.aarii guddaatu itti dhaga'ame.karaa tokkoon immoo dubbii aadde diggittiin...si ajjeesisuu nan danda'a...jedhan xiinxalee sammuu isaa keessatti sodaa guddaa itti uuma.eeyyen diggittiin horii qabdi.anis nan balleese.osoon akkuma yeroo kaanii guyyaa wajjin taphadhee yeroon manatti galeera ta'ee? amma maal naaf wayya? Magaalaa jimmaa keessa shamarran biraa wajjin jiraachuu hin danda'u.hojii koo kana irra illee turuu hin danda'u (Isayyaas,2018:28).

Yaada olii irraa kan hubannu solomoon jecha diggittiin ittiin jette irraa kan ka'e,murtii isaa wallaalee al tokko natu balleesse maafan bakkee bule,akkamittan biyya kana keessa jiraachuu danda'a? diggittiin na ajjeesifti kan jedhusammuu isaa waliin akka nama namatti haasa'uutti qofaa isaa dudubbata.kanaafuu yaaddoo jecha diggittii irraa kan ka'e wal-dhabbiin sammuu isaa keessatti uumame argina

“Yerooniinis akeekuma isaa kanaan isheetti siqe.garuu aadde diggittii maal akka godhu wallaaleera...amma filannaa lama gidduu galeera.yeroon ykn diggittii waliin jiraachuudha”(Isayyaas,2018:31).

Yaada olii irraa kan hubannu solomoon eenyuutti akka goru wallaaluun ofii isaa waliin wal-dhabbii geggeessaa jira.kunis kan ta'eef filannoo tokko filachuuf kan isa rakkisaa jiru ta'uu isaa kan argisisuudha.

“garuu sodaan jiru abbaan solomoon an ilma kashalabbee hin qabu.ilma koo miti jedhanii ganuu isaanii namni biraan yoo beekedha.yeroonfaas hin beekan.egaa solomoon yoo iccitiin kun ba'e rakkoo natti fida jedhee sodaate”(Isayyaas,2018:40).

Yaada oliirraakan hubannu solomoon kan inni baay'ee yaadda'u,wal-dhabdee kanaan dura abbaa isaa wajjin qabuuf jecha abbaan koo kankoo miti jedhee na salphisaa jedhee sodaate.kunis sammun isaa akkas jedha moo hin jedhu kan jedhu walaalammii ykn sammuu isaa keessatti dhiphachaa jiraachuu isaa hubanna.

"Yeroon dhiphattee baay'ee boossi.boo'ichi ishee kun waan sadii sodaachuudhaan ture.1ffaa namaa wajjin wallolee 2ffaa haala jijjiirratee dubartii biraa bare jettee inaa fuudhaan.3ffaa abbaa fi haati ishee haala solomoon dhiisifatee machaa'ee dhufu kana yoo argan Isa loluu danda'u jechuudhaan"(Isayyaas,2018:70).

Yeroon ofii ishee waliin kan isheen wal-dhabde sababa adda addaa kaasuudhaan.innis solomoon kan galuu dadhabeef rakkootu isa quunname kan jedhuu fi solomoon dubartii biraa bare jedhu inaaftes,maatiin koo isa inni dhiisifatee dhufu maal naan jedhu kan jedhu irraa kan ka'e dhiphuu adda addaa keessa galuudhaan

“Ani immoo solomooni! Solomoon abbaa Naahilaniidha.Yeroon! Yeroon! Jedhee mataa qabatee iyye” (Isayyaas,2018:170).

yaada kana irraa kan hubannu solomoon ijoollee isaa yeroo argutti gocha isaa kanaan duraa yaadatee kan wanta godhu wallaalee kan iyye ta'uu isaa hubanna.kunis kan inni ofiin of dhabe haalota dabarse hundumaa yaadatee kan ofii isaatti aaruu irra darbee waan gochaa wallaalee iyyuu isaa hubanna.

Yeroon fi ofii ishee

yeroon osoo abbaaf haadha isheen hin mariyatin wal-quunnamtii isheen solomoonii wajjin jalqabde gadda guddaa keessa ishee galche.ulfa ji'a tokkoo taatee jirti.aadde diggittiin

ajjeesisuuf isaan hordofsiisaa jiraachuunii fi Solomoon akka abbaa warraatti wajjin jiraachuu jalqabuu isaa ollaa fi firoottan ishee biratti ishee qaanessera (Isayyaas,2018:38-39).

Yaadni kun kan nu hubachiisu yeroon sababii solomooniif jecha ajjeefamuuf akka hordofamaa jiraniif fi abbaa isheen osoo hin mariyatin wal-quunnamtii solomoonii wajjin taasiftee,wal-quunnamtiin sun immoo rakkoo qaanessaa irraan kan ga'e ta'uu isaa irraa hubanna.kana malees ollaaniif firri ishee akka isaan walii wajjin abbaa manaaf haadha manaa ta'anii jiraachaa jiraachuun isaanii baay'ee kan ishee qaanesse ta'uu hubanna.

Yeroon waan gootu wallaalte.namni rakkoo ishee ittiin mariyattus hin jiru.suuqiin inni masgiida annuwaar biraa manni isaa kan abbaa isheeti.waan kana ta'eef gurgurtee suuqii isa amadee gabayaa biala kiraa isaa kaffalaa jabeessuuf yaalte.garuu gibirri galii biyya keessaa sababii itti baayateef akkasumas kisaaraa malee bu'aa waan dhabdeef kan gootu wallaalte.yaaddoon baay'ee dhiphate.dhuma irratti mana jireenyaashee keessa bultu gurgurtee mana guddaa haatii fi abbaan ishee keessa jiraatanitti galte (Isayyaas,2018,74-75).

Yaada olii kana irraa kan nuyi hubannu yeroon erga haati ishee gara magaalaa jimmaatti deebi'anii booda kaffaltiin gibiraa sababa itti cimeef waan gootu wallaalte,dhiphina keessa seente.nama wajjin mariyattus waan dhabdeef waan gootu hanga wallaaltutti sammun ishee dhiphate.kanuma irraa ka'uun mana duraan galii guddaa galchaa ture,gibira mootummaan ishee gaafatu kaffaluu dadhabuu irraan kan ka'e mana jireenyaa ishee fi kan daldalaa gurguruu ishee hubanna.

Namtichi horii isheef kaffalee sun hamma fedhii isaa raawwatee fixutti qaama ishee waan itti gurgurteef xiqqoo turuun dirqama isheeti.garaa isheeti gaddite.nama hin beeknee fi jaalala irraa hin qabne wajjin ciistee horii argachuu qabdi.carraa kana irratti Kan ishee gate,qabeenya abbaa fi haadha ishee murtii qofaa ishee murteessiteen balleessuun ishee itti dhaga'ame.fuudhii fi heerumni sirriitti itti hin yaadamne ,kan marii maleeraawwatame...collooma afaaniif bifa qofaa ilaaltee dogongoruun harka solomoon keessatti kufuun ishee sirrii akka hin taane hubatte ijoollee durbaa dogongora akkasiin jireenyi isaanii kan duraa bade,lubbuunsaanii kan darbe kitaabota barreessitoonni gara garaa barreessan yaadatte,..'yaa yeroon nama hin taanetti heerumtee qabeenya abbaa fi haati kee ijoollummaa isaaniitti horatan bittinneessitee? Yaa yeroon nama itti heerumtu sana osoo seenaa isaa hin qoratin itti heerumtee jireenya qaanessaa kanatti kuftee? Yaa yeroon keessumaa solomoon nama akkamii akka ta'e osoo beektuu ,akkasumas ijoollee

durbaa mana barumsaa baay'ee wajjin kan sagaagilu,dargaggeessa kashalabbee naamusa hin qabne ta'uu isaa utuu beektuu itti heerumte mitii?" yaadi jedhu itti dhufe. (Isayyaas,2018,84).

Yaada olii iraa kan hubannu yeroon sababa rakkina keessatti kufuu ishee irraan kan ka'e gara qaama ishee gurgurtee jiraachuutti dhufte.kanuma irraa ka'uudhaan namticha birrii kaffaleefii wajjin ciise jala ciistee osoo jaalala nama irraa hin qabaatin namaa wajjin ciisuu isheetti gaabbite.gaabbiin ishee kunis jireenya utuu solomoon ishee hin fuudhin duraa fi erga inni ishee fuudhee dhiibbaa inni irratti uume ykn jireenya gaarii abbaan ishee jiraachaa turan isheen immoo solomooniin amantee itti gadi dhiisuun ishee balaa akkamiirra akka ishee buuse sammun ishee jechoota adda addaa toora naqeefii ishee jeeqe.sammun ishees jireenya ishee dur darbeefii amma isheen keessa jirtu yaadachiisee gaabbiin akka isheen waxalamtu taasise.

“Ani hin beeku hojii hojjechuu na jibbisiisa.calluma jedhee harka maradhee akkan taa'u na godha.al tokko tokko immoo marmaradhuu ciisi” naan jedha(Isayyaas,2018:103).

Yaada olii kana irraa kan hubannu Yeroon nama wayiitti rakkina ishee himachuu ykn waliin dubbii nama waliin gochuu ishee hubanna.wal-dhabiin sammuu isheef ishee gidduutti uumame akka jiru kan nu hubachiisu immoo rakkoo qaamni biraan ishee irratti uumeefii ajaja qaama sanaatiin hoogganamaa jiraachuu isheeti.qaama kanaanis akka walii galaa hin jirreedha kan hubannu.

Gaazexeessaa Eliyaas fi ofii

Solomoon argameera'.jedhee afaan isaa harka isaa harka isaan qabatee yaadaanfagoo deemeera.qondaaltonni mootummaa tokko tokko aangoo isaaniittifayyadamanii mirga namaa irratti dhiibbaa akka uuman waan beekuuf tarii solomoon ajaja hooganaa waajjira mootummaa tokkoon ta'a jedhee yaade.kana malees ajjajjoonni dhaabbilee poolisii tokko tokkos seeraan ala qabani akka nama hidhanis muuxannoo jireenyaa fi ogummaa isaa waan baay'ee beeka.karaa gara biraan immoo tarii solomoon balleessaa qabaachuu danda'a kan jedhus isa shakkisiise...Eliyaas gaazexeessaa waan ta'eef ogummaa sirriitti yoo beeke illee akka dirqama hojii isaa hin raawwanneef gufuun tokko tokko waan jiruuf ni aara (Isayyaas,2018:43).

Yaada olii irraa wanti hubannu gaazexeessaan kun solomoon guyyaa cidha isaa dhabamuu isaa ilaalchisee yaada isaan walii galuu dadhabuu irraa kan ka'e al-tokko kana, ala biraa immoo sana ta'a jechuu irraa kan ka'e yaadni isaa dhaabbataa ta'uu dadhabuu isaa hubanna. solomoon dhabamuun isaa shakkii adda addaa keessa isa galcheera. kana malees dirqama hojii isaa akka hin raawwanneef gufuuleen jiran isa aarsu.

Diggittii fi ofii ishee

“Aadde Diggittiin hiikamuu Solomoon dhaga’anii dhukkubbii isaanii itti ka’e. kanumaan si’a lammataaf hospitaala ciisan. solomoon hidhamee cidhi isaa akka fashalaa’uuf matta’aa birrii baay’ee kennaniiru. karoorri isaanii raga sobaa walitti qindeessanii solomooniin waggaa 10 hiisisuu ture” (Isayyaas, 2018:45)

Yaadni olii akka ibsutti Diggittiin wanti isheen sammuu isheetti yaadde milkaa’uufii diduu irraan kan ka’e, baay’ee aartee dhukkubbiin ishee kan itti ka’eedha. kun immoo solomoon hidhaadhaa maaf ba’e aarii jedhuudha. dhukkubbiin ishee kanaan duraas dhukkubbii onnee ture.

“Aadde diggittiin namoonni isaan solomoonitti ajjeesisuuf ergan ergama isaanii raawwachuu dhabuu isaaniitti hedduu aaraniiru. akkamitti nama lama ta’anii nama tokko mo’achuu dadhabanii? Inni humna nama meeqaa qabaa kan nama lama reebu?...aadde diggittiin afaan qabatani xiqqoo turan. amma jarri reeffi sun calluma jedhaniiree?” (Isayyaas, 2018, 50)

Yaadi olii akka ibsutti Aadde diggittiin namoonni isaan itti ergan ergama isaanii raawwachuu dadhabuutti baay’ee aaruu irra darbee solomoon nama cimaa akka ta’e dinqifachuu fi namoonni sun akkamittiin lama ta’anii nama tokko mo’achuu dadhabuu isaaniitti aaruu isaanii hubanna.

Naahilani fi ofii isaa

“yaada lamatu sammuu isaatti bilbile. yaadni tokko biyya lafaa irra kan jiraattu altokko qofaadha. waan kana ta’eef fedha foon kee raawwadhu kan jedhu yoo ta’u inni lammaffaa immoo amanamummaadhaan waaqa sodaachuudhaan, haqaan hojjedhu kan jedhu ture” (Isayyaas, 2018:124).

Yaada olii irraa kan hubannu naahilaniin yaadni isaa waliin mormuu isaati mullata. inni tokko akka inni jireenya foon isaa gammachiisuuf akka inni jiraatuuf kan kakaasu yoo ta’u, inni biraan

immoo hojiin akkanaa akka irraa hin barbaachisne amanamee jiraachuu akka inni qabu yoo ta'u, yaadota kana lamaan wal-faana keessummeessaa waan jiruuf garri itti goru isa wallaalchisuu isaa hubanna

3.3.2. Wal-dhabbii Alaa Asoosama “Yeroon Siif Haa Dhiistuu”.

3.3.2.1. Wal-Dhabbii Namaa fi Namaa.

Solomoon, Yeroo fi Hiriyoota Ishee

Solomoon haala ishee kana hubatee kaayyoo isaa fixaan baafachuuf al-takka takka osoo hin dhaqin turee guyyaa lammaffaatti dhaqa.yogga kana yeroon baay'ee ittiin ooddi.haaluma kanaan Solomoon osoo mana yeroofaa hin dhaqin bultii sadii ture.sababii kanaaf yeroon baay'ee aarte.nama waliin dubbachuus hin dhiiste.nyaata nyaachuus hin didde (Isayyaas,2018,17).

Yaadni olii kan nu hubachiisu yeroon yoo solomoon mana isaanii hin dhufin oole solomooniin kan oodduudha.haa ta'u malee kan durii irraa kan guyyaa harraa adda godhu yoo jiraate solomoon guyyaa sadii osoo mana yeroofaa hin dhufin turuu isaati.kanuma irraa ka'uun yeroon duraan kan solomoon yoo guyyaa lama bule ittiin oodaa turte harra garuu sababa inni dhufuu dideef namoota ykn hiriyoota ishee waliin dubbachuu irra darbatee nyaata illee kan nyaachaa hin jirre ta'uu hubanna.walumaa galatti wal-dhabbiin solomoonii fi yeroo gidduutti kan uumameef solomoon mana isaanii dhaquu dhiisuu yoo ta'u,yeroo fi hiriyoota ishee gidduutti kan uumameef immoo sababa solomoon mana yeroofaa dhaquu dhiiseefidha.

Yeroonii fi Solomoon

“Yeroon Solomoon kan itti aggaame duraan gammachuun simatte.daqqiqa muraasa booda ishee dhukkubnaan iyyitee ofirraa isa darbatte.dhugaatii dhugdee hin beekne waliin dhukkubbii amma isheetti dhaga'ame wal-ga'ee ishee gaggabse” (Isayyaas,2018,25).

Yaadni olii kan nu hubachiisu solomooniif yeroon gidduutti uumame dhukkubbii qaamaa isheerra ga'eenidha.kun immoo kan ta'eef sababa dhugaatii takkaa dhugdee hin beeknee fi wanta solomoon waliin raawwachaa jirtu yeroo duraaf waan ta'eef dhukkubbiin qaamaa ishee quunname,akka isheen solomooniin ofirraa darbattu godheera.

gaaffii gaafatameef deebii kennuuf mala baay'ee yaada.kan dafee sammuu isaatti dhufe konkolaataa miidhame osoo hojjechiisuu dhiisifachuu isaa itti hime.yeroonis deebistee dhufaatii immoo eessaa dhugderee? Solomoonis hamma isaan hojjetanitti mana dhugaatii gaaraajii sana bira jiruun dhugee isheenis urgooftuun ati dibatte hoo? Shamizii qofaan waanan ba'eef natti qorrinaan kootii abbaa garaajichaan uffadhe.Deebiin isaa dhugaa itti hin fakkaanne.baay'ee lolte.aarii fi hinaaffaadhaan gubatte.garuu kan gootu waan hin jirreef itti dhiiste (Isayyaas,2018:68-69).

Yaadni kun kan nu hubachiisu solomoon badii balleesse dhokfachuuf jecha yerooniin sobe.yeroon immoo kan inni jedhe amansiisuu hin dandeenye.irra guddeessa kan isheen amanuu dadhabdeefis kan inni dhugaatii dhugeef qofa osoo hin taane,urgooftuu inni dibatee dhufee amanuu dadhabuun ishee wal-dhabbii isaan gidduutti uumeera.kanaaf jecha aartee aartee waan gochuu dandeesu waan hin qabneef itti dhiiste.

qabeenya keenya hunda hartee harka namaa galchitee akkas jettaa? kasaaraa nurra ga'e argee karaa ittiin bayyaannannu faluu kootiim kanin dubartii dureettii fuudheef maal solomoon rabbiin hin sodaattuu utuu ani jiruu dubartii gara biraa kan narratti fuutu? kasaaraa irratti kufnekaa! Akka seera keenyaatti immoo lamaaf sadii fuudhuun ni hayyamama.Fuuti akkasii yoo sitti hafe maal qaba? Mana tokko deegsitee kaan duroomsuun gowwummaadha'.Qabi afaan kee amma' jedhee darbee ciise.(Isayyaas,2018,76)

Yaada olii irraa akkaataa wal-dhabbii isaanii yoo ilaallu sababa solomoon dubartii biraa fuudheef yeroon akkamittiin ana irratti dubartii biraa fuuta jechuudhaan walitti bu'iinsa yeroo fi salomoon gidduutti ta'eedha.haa ta'u malee solomoon seerri amantaa keenyaas nu hayyama jechuun yerooniin callisiisuuf yaadeera.walitti bu'iinsa kana keessattis jalqaba akkuma nama isheef yaadee haasa'uutti haa dubbatu malee yeroon hagam akka kisaaraatti kufanii jiran yoo beekte illee dubartii biraa waliin akka inni fuuchuu hin qabne yoo itti himte iyyuu solomoon ishee dhaga'uurra ishee lolee gara kutaa ciisicha isaatti darbuu isaa hubanna.

Biibii fi Yeroon

“Battalaan solomoon utaalee ka'e.yeroon garuu bakkuma jirtuu osoo hin socho'in ija aariitiin biibii ilaalte.biibiin garuu yerooniin waan sodaattuuf namni yoo isin arge'oo? Mana ciisichaatti ol hin dabartanii? Jette hidhii ,maddii fi gurra solomoon ciniiname argitee” (Isayyaas,2018:20)

Wal-dhabbi olii irraa kan hubannu yeroon kallattiin biibii baastee loluu haa dhiistu malee,ija aariitiin kan isheen ilaalte,aboon mana sanaa waan kanshee ta'eef waan feete balleessitee sababa biibiin gaafachuu hin dandeenyeef ija aariin ilaaluun ishee maaliif nutti dhuftee nu ilaalta yaada jedhu kan of keessaa qabuudha.

Abdallaa fi solomoon

“Abdallaan Solomooniin yogгаа mana sanatti argu haalli itti agarsiisu gaarii hin turre.kanuma irraa ka'uudhaan Solomoon yerooniin Abdallaan sin loluu? Abdallaa moo anatu mana kana bulchaa? Solomoonis deebisee akkam? Yeroonis Abdallaa kan bulchu anuma.dhimma koo keessa seenuu hin danda'u.abbaan koo ni guddiseen malee hin dhalchine...”(Isayyaas,2018,21).

Yaadni kun kan nu barsiisu wal-dhabbiin abdallaa fi solomooniin gidduutti taasifame wal-dhabbi kallattii osoo hin taane ilaalcha gaarii hin qabuuf abdallaan solomooniif.sababiin isaa abdallaan guddifachaa sababa ta'eef akka itti yeroonitti dubbatu hin qabu.haa ta'u malee garuu solomoon akka inni guddifachaa ta'e hin beeku.kanuma irraa ka'uun ilaalcha abdallaan solomooniif hin qabne waan hubateef gaaffii yerooniin gaafate.solomoonis akka abdallaan itti dubbachuuf mirga hin qabne hubate.

Solomoon fi Diggittii.

Kaleessa utuu hin galin hafnaan na barbaacha dhuftee? Jedhee lafa taa'uu ka'e naasuudhaan.deemi asii! Ilbiisa nana.ati immoo nama taatee si barbaacha dhufe seetee? Saree? salphoo! utuu ulfina qabaatee ulfina koo eegda turte.Solomoonis maalin balleessee? Diggittiinis qabi afaan kee.solomoonis rakkoo narra ga'e osoo hin hubatin maaliif na arrabsitaa?...Diggittiinis arrabsoo qofaa miti lafa garaan koo yaade horii kootiin ga'uu nan danda'a.yoon fedhe si ajjeesisuu,yoon fedhe lafee kee caccabsiisee,foon kee jeejisiisee qalchisiisuu,yoon fedhe immoo mana hidhaa keessa waggaa 20 si tursiisuu nan danda'a...solomoonis deebisee,jedhikaa kan narratti raawwachiisuu yaadde gochuu yaali.wal-arginaa jedhe ija babaasaa.diggittiinis kottuutii uffata ani ulfina koof siif bite fudhadhuuti gara deemtutti deemi jechuun osoo deebii isaa irraa hin dhaggeeffatin balbala cuftee sokkite(Isayyaas,2018:26-27)

Wal-dhabbiin solomoon fi aadde diggittii gidduutti uumame kun wal-dhabbiijoo asoosama kana gara fuul-duraatti akka inni socho'uuf fayyade keessaa isa ijoodha.walitti bu'iinsi isaaniis solomoon halkan mana buluu dhiisee iddoo biraa buluu isaati.kana malees akkuma bakkee buleen gara lafa hojii isaa ykn wajjira isaa deemuu isaati.sababa kana irraa kan ka'e aadde diggittiin waajjira solomooniin deemtee isa waliin wal-loluu irraa kan ka'e, waan barbaadde gochuu akka dandeessuu fi solomoon mana isheetii dhufee akka uffata fudhatee iddoo fedhe akka deemu gochuu ishee hubanna.kanuma irraa ka'uunis solomoon aaree diggittii waliin aariidhaan falmii akka waliin geggeesse ykn wal-dhabdeen cimaa akka gidduu isaaniitti uumameedha kan arginu.

Solomoon fi Abbaa isaa

Abbaan isaa limmuu sanxuu keessatti daldaltoota bunaa beekamoodha...kan ittiin isa barsiisanis dhabanii osoo hin taane haala isaa badaa kana dadhaban...tibba garaa garaatti qarshiin na ga'uu dide jedhee rakkisuudhaan wal-lolee lammaffaa ija kee hin argu ittiin jedhan...maqaan abbaansaa isaaf moggaasan Suliman yoo ta'u,inni immoo solomoon jedhee of moggaase.kanas kan godhe callisee miti.abbaan isaa ilma koo miti jedhanii waan isa haalaniifidha(Isayyaas,2018:29-31)

Yaadni kun lola isaanii kallattiin amma geggeeffamaa jiru osoo hin taane waan kanaan dura isaan gidduutti uumameedha.haa ta'u malee sababni wal-dhabdee isaan gidduutti uumeef sababa guddaa kan ta'u amala badaa solomoon qabu,qarshiin isa ga'uu dadhabuu isaati.kana irraa kan ka'e abbaa isaa waliin wal-loluun isaa akka abbaan isaa ilma koo miti jedhanii isa haalaniif daandii ta'eera. Amalli isaa kun akka abbaan isaa isa jibbuuf karaa kan ta'eedha.

Yeroo fi abbaa manaa adaadaa ishee

“Abbaan manaa adaadaa ishee kunis yeroonniin waan baay'ee jaallataniif xiqqoo itti dheekkamanii gara tarkaanfii furmaata ta'uutti ce'an”(Isayyaas,2018:39)

Kan yaada kanarraa hubannu sababii yeroon heerumteef itti dheekkamuu isaaniiti.sababni isaa yeroo waan baay'ee jaallataniif itti dheekkaman ykn lolan.

namoota cidha solomoon irratti argamanii

hojjettoonni qophii cidhaaf asiif achi fiigan ni wacu.namnuu wal-hin dhaga'u.hunduu yaada garaagaraa kennu. 'tokko jaartiin sun hin ajjeesisin hin ooltu'jedha.tokko immoo solomoon nama qoosaa isinitti fakkaateeyi? Kan caalyu immoo argateera ta'a'jedhee nama kofalchise...kaan immoo lakki jarana hin qoosinaa.gurbaan kun rakkoon isa argateera ta'a.waa malee manni hin aaru jedhu mitii? Waa malee hin dhabamnee waa ta'eera ta'a (Isayyaas 2018:41)

Yaadota olii kana irraa kan hubannu solomoon gaafa cidha isaatti manaa dhabamuun isaa namoota cidha isaaf argaman hedduu gidduutti wal-dhabbii uumeera.yaadni isaanii kan qindaa'e miti.yeroo inni tokko kana jedhu inni biraa immoo sana jedha.sababii kana irraa kan sjiran.kanuma irraa ka'uun yeroo tokko waan sirrii dubbatu tokko immoo ni qoosa.sababa kanaaf walitti bu'iinsi gidduu isaaniitti akka uumame hubanna.

solomoon fi namoota aadde diggittiin itti bitan.

gara dhummuugaa socho'uu yoo ilaalu karaa dugda isaa duubaan sagalee kottee namaa dhaga'e.yoggaa ofirra millatu nama ulee jirma itti aggaamu ofirratti arge.kana booda morma namichaa hudhee qabachuudhaan akka korbeessa re'ee gipheedhaan dha'ee lafa irratti diriirse.namtichi inni dhummuugaa keessaa socho'aa ture immoo ulee qabatee gadi itti ba'e.solomoonis namticha kufe sana irraa ulee fudhachuun namticha isatti dhufe dursee mataa buruqsee lafa irratti diriirse.lafa inni kufettis harkaa fi mataa bakka baay'ee rukutuudhaan miidhaa guddaa irraan ga'e.namoota lamaanuu harkaaf miilla iddoo baay'ee caccabse.mataas iddoo baay'ee buruqse(Isayyaas,2018:49)

Yaadi olii kan nu hubachiisu namoonni Diggittiin solomooniin akka ajjeesaniif itti ergan lamaan solomoon waliin rukutaa geggeessaniin kan miidhaman ta'uu hubanna.sababni walitti bu'iinsa isaaniis solomoon aadde diggittii waliin walitti bu'iinsa kan geggeesse waan ta'eef,haaloo ba'uuf jecha qarshii isheetiin nama itti bittee ajjeesisuuf itti ergite irratti solomoon humna caalee dhiibbaa irratti uumuu isaa hubanna.

Qonjiit fi abbaa warraa isheeduraanii.

“Qonjiit biyya ishee goojjamii magaalaa fiinotee salaamii abbaa manaa ishee jalaa baddee kan dhufte yeroo dargaggeettii waggaa 20ti.harra waggaa 35.abbaan manaa ishee inaaffaadhaan

ganamaaf galgala waan ishee reebuuf jalaa badde...abbaan manaa ishee kan ishee reebuuf dhiirota garaa garaa wajjin waan sagaagiltuuf”(Isayyaas,2018:64-65)

Yaada olii irraa kan hubannu qonjiit sababa osoo abbaa manaa qabduu dhiirota biraa waliin waan sagaagiltuuf abbaan manaa ishee ganamaaf galgala reeba.kanuma irraa ka'uun abbaa manaa ishee jalaa baddee gara finfinnee dhufte.

Yeroon fi macha'aa karaa irraa

machooftuun tokko garuu karaa darbuu dhufee yeroonitti gore.yeroon yoggaa kana 'maal barbaadda?' Jette.innis deebisee 'siin' jedhe isheenis 'maaliif na barbaadde' jette.innis 'buluuf birrii meeqa jedhe.isheenis 'eessa bulta?' jette.innis 'si wajjinikaa' jedhe.isheenis 'akkasii?' jette.innis 'eeyyee akkasi dafii natti himi saatiin 6 ta'eera.roondiitu na qabaa'jedhe.innis 'dhaqii saree akka keetii barbaaddadhuutii wajjin buli'innis deebisee 'dubartii nana mataa keetu si dhukkubaa' isheenis anoo fayyaadha.dhukkubsataan si'I malee'jette.innis deebisee 'maaliif karaatti baatee qorra dhugdaree?' jedhe. isheenis 'isa kan si galchu hin jiru amma afaan kee qabadhuutii karaa kee itti fufi'ittiin jette (Isayyaas,2018,70-71).

Yeroon kan isheen karaatti baateef solomoon waan manatti galuu dideef yoo ta'u,sababii isa eeguuf jecha dhaabbattuuf machooftuun karaa irratti argitee akka warra qaama isaanii gurguranii jiraataniitti fudhachuudhaan itti goree gaaffii isheen hin eegnee fi kaayyoon isheen baateef faallaa kan ta'e gaafate.kanuma irraa ka'uun walitti bu'iinsi yeroonii fi namticha gidduutti uumama.gaaffiin namtichi gaafate kunis yerooniin kan aarsee fi kan ishee jibbisiiseedha.sababni isaa namni isheen waliin dubbii waliin geggeessaa jirtu kun machaa'uu isaa irra darbee gaaffii ishee hin gammachiisne gaafachuu isaati.

Solomoon fi harmee yeroon.

harmeen yeroon solomoonitti baayisani dheekkaman. Yerooniifis akeekkachiisa kennan.'lammataa sa'atii tokko booda karri akka hin banam,ne.yoo barbaade iddoo dhiisifate haa bulu.akka waraabessaa halkan deemuudhaan nuun hirriba dhorkuu hin danda'u' jechuudhaan baayee dubbatan.solomoon garuu akeekkachiisa isaaf kename wayittuu hin lakkoofne.torbee tokko booda hanga sa'atii torbaatti qonjiit waliin turanii,dhiisifatee galee jennaan yeroonfaa karra irraa banuu didan(Isayyaas,2018:74).

Yaadni kun kan nu hubachiisu Harmeen yeroo sababa solomoon yeroo hunda saatii malee galuuf jecha, aaruu isaanii irraan kan ka'e solomooniin hedduu arrabsan.sana booda yeroon saatii lama booda akka karra irraa banuu hin qabnes ni akeekkachiisan.haa ta'u malee solomoon afaaniin yoo itti hin dubbanne ta'e illee jecha isaanii tuffachuu irraa kan ka'e osoo torbee tokko hin fixin Qonjiitiin bira turuudhaan sa'aatii torbatti gale.akeekkachiisa kanaan dura itti kenname irratti hundooftee yeroon solomoon irraa karra banuu didan.solomoonis sababii karri irraa banamuu dideef aaree jira ta'uu mala.sababiin wal-dhabbi isaanis solomoon yeroo malee galuu isaa irraa kan ka'e walitti bu'iinsi ta'eera.

Yeroonii fi Haadha ishee

“Harmeen yeroon daldala magaalaa finfinnee keessaa qabanirraa abdi dhaban.kufaatii kana kan narraan geesse yeroonidha jedhanii ishee abaarani qabeenya isaanii isa jimmaatti deebi'an”(Isayyaas,2018,74)

Harmeen yeroo sababa solomoon qabeenya isaanii qisaasessseef jecha yeroonitti gaddan.kanuma irraa ka'uunis daldala finfinnee keessaa qaban irraa abdii kutan.kanumarraa ka'uudhaan badii kana kan narraan ga'e yeroonidha jedhanii ishee abaarani mana daldalaa jimmaadhaa qabanitti deebi'an.kun kan nu hubachiisu,qarshii isaanii kan balleesse yeroo osoo hin taane solomoonidha.haa ta'u malee solomoon karaa yeroo natti dhufe kan jedhu irraa kan ka'e kan kana na godhe yeroodha jechuun abaarsa solomooniif malu yeroo abaan.

Naahilani fi Solomoon (abbaa isaa).

Naahilaniin ammas xiqqoo tarkaanfatee namticha ilaalee,'sirriidha.isadha'jedhe!namtichi sun garuu nyaara isaa walitti guuree fuula isaa irraa galagalchee qaruuraa biiraa dhugurra ija isaa dhaabe.qaruuraa biiraa sanaa akka waan harra argee hubatee nanaannessaa ilaala.ilaalees hin quufu.olis hin jenne.'abbaa! Abbaa! Nahilaniin itti deeme.'dhaqii abbaa kee barbaadi'jedhee yoo harka ol kaasuu qodaa akaayii naahilani harkarraa lafatti kuffise.meeshaan akaayii konkolaachuudhaan kursii itti dhugaatii dhugan jala seene.akaayii isaa kana simmintoo irratti bittimsee naahilaniin yeroo kana baay'ee rifatee gara balbalaatti fiige (Isayyaas,2018,87).

Yaadi olii kan nu hubachiisu wal dhabbiin solomoon naahilaniin mana dhugaatii keessaa sababa inni akaayii gurguraa jiruuf akka abbaa isaa ta'e dhoksuu barbaadee akka inni itti hin

dhihaanneef nyaara isaa dhokfatee ture.ykn nyaara gudunfaa ture of wallaalchisuuf.haa ta'u malee naahilaaniin itti siqee yoo isa ta'uu adda baafatu itti fiigee abbaa! Abbaa! jechuun waame.haa ta'u malee solomoon silayyuu of barsiisuu sababa barbaadaa hin jirreef jecha qodaa akaayii harkatti rukutuun harkaa dhangalaase.yoggaa kana naahilaan na'ee fiigeera.sababni wal-dhabbii kanaa inni guddaan naahilaan hoteela sana keessatti abbaa1 jedhee isa waamuun solomoonitti qaani ta'uu isaati.

"yoggaa kana haati yeroon maqaa ishee hin dha'in.intala wallaaltuu gowwoomsitee fuutee,qabeenya keenya haxoofttee balleessitee waggoota dheeraadhaaf rakkinaaf gadadoo keessa nu galchite"(Isayyaas,2018:170)

Yaadni kun kan nu hubachiisu solomoon daba kanaan dura isaan irratti hojjeteef jecha haati yeroon solomooniin loluu isaaniiti.wal-dhabbiin isaan gidduutti uumames intala isaanii wallaaltuu gowwoomsee kan fuudhe ta'uu fi qabeenya horatan isaan jalaa balleessee akka rakkina keessa isaan buusuu isaaf kan walitti bu'an ta'uudha kan hubannu.

Solomoonii fi Namoota dhugaatii dhugaa jirani.

namooti dhugaatii dhugan hundi gara naahilaaniitti garagalanii maaliif akka boo'u hubatu ,kan haala isaa argan garuu solomoonitti aaran. 'machooftuun kun hamma daa'imni hiyyeessi kun maal isa godhe.tokko tokko immoo maal namni akkasii yoo akaayii irraa bituu hin barbaanne ta'e itti hin dhiisuu? Maaliif mucaa harkaa akaayii darbataa? Jedha.tokko tokko immoo amma nama hin gaddisiisuu mucaan kun jedha.kaan immoo maal namni waaqayyoon hin sodaanne? Jedha.kaan isaanii immoo keessumaa baasanii solomooniin arrabsan.hundi mana dhugaatii jiru solomoonitti baay'ee aaran (Isayyaas,2018:87-89).

Yaada olii irraa akka hubannutti wal-dhabbiin solomoonii fi namoota dhugaatii dhugaa jirani inni guddaan solomoon naahilaanii harkaa akaayii dhangalaasuu yoo ta'u sababa kana irraa ka'anii solomooniin jechoota adda addaa lechaa turaniiru.hunduu akka isatti fakkaatetti aarii solomoonitti aaran obbaafatu.inni kaan wal-walitti dubbatee maaliidha namni akkasii jedhee gaaffii walirkaa fuffuudhee wal-gaafata.kaan isaanii immoo solomoonii wajjin kallattiidhaan wal-lolu.sababni walitti bu'iinsa isaanii guddaa kan ta'e inni guddaan solomoon mucaa hiyyeessa kana maaliif akaayii harkaa dhangalaasa yaada jedhu irratti hunda'anii solomooniin kan lolaa turan ta'uu isaanii hubanna.

Yeroon fi Dubartoota ollaa ishee

Qaama guutuu fi bifti ishee baay'ee bareedduu waan taateef iji dhiiraa isheerra bu'a.dubartoota ollaa ishee caalaa gabaa qabdi.dubartoota ollaa ishee waliin sababa kanaa irraan kan ka'e nagaan hin qabdu.isheetti inaafuudhaan loluun...sanyoo koo narraa fudhatte jedhanii wal-loluudhaan miidhaa guddaa walirraan ga'u.dubartoonni bitaaf mirgaan yeroonii wajjin ollummaadhaan jiraatan inaaffaa irraa kan ka'e mana ishee duratti kosii gara garaa gatu.(Isayyaas,2018:99)

Yaada olii kana irraa kannuti hubannu yeroon sababa miidhagduu taateef jecha dubartoota ollaa ishee wajjin nagaan hin qaban.sababa guddaa kan ta'e immoo bareedina ishee qofa osoo hin taane gabaa irraa deebifachuun ishee rakkoo guddaa itti ta'eera.sababa isheen gabaa irraa deebisteef jecha nagaan akka isheen jiraaattu hin barbaadan.inaaffaaa guddaa irraa kan ka'es akka namni mana ishee hin dhaqne waan barbaadaniif kosii mana ishee jalatti gatuudhaan ishee jeequ.

Birqee fi Abbaa Manaa ishee

Birqeen kan biyyaa baate hacuuccaa abbaa manaa isheen irraan ga'aa ture jalaa miliquuf jetteeti.abbaan warraa ishee sun inaafuudha.dhiirri maaliif ishee ilaala jedhee ganamaaf galgala ishee reeba.yoo laga deemtee turte ni reeba.haa ta'u malee birqeenis sagaagilummaa irraa kan baay'ee of qusatte miti.abbaan manaa ishees kanuma irraa ka'uudhaan ganamaaf galgala ishee dhaana(Isayyaas,2018:100).

Yaad olii irraa kan hubannu hacuuccaan abbaa manaa isheetiin sababii sagaagilummaa isheef jecha irra ga'aa ture.abbaan manaa ishees inaafuu ta'uun isaa namumti tokko maaliif galagalee si ilaala kan jedhu yoo ta'u birqeenis akkuma inni shakku nama amanamummaa hin qabne akka ta'e irraa hubanna.haa ta'u malee sababiin wal-dhabbi isaanii abbaan manaa ishee osoo an jiruu akkamittiin nama biraa waliin jiraatta kan jedhu yoo ta'u,birqeen immoo akkamiif na reeba kan jedhu abbaa manaa isheetti aarte.sababa kanarraan kan ka'es biyya ishee gadi dhiistee dhuftee hojii sagaagilummaatti bobbaate.

Itti gaafatamaa biiroo yeroonii fi yeroo

"Erga gaafa sanaa irraa eegalee itti gaafatamichi xiiqii ittiin qabatee wayita gara garaatti sababii uumee, ishee adabaa ture. booda irratti hojii irraa akka ari'antu godhe" (Isayyaas, 2018:114).

Yaada olii irraa kan hubannu itti gaafatamaan kun waan isheen hin godhiniin yeroo hunda sababa Kan itti barbaadu ta'uu isaa fi sababa inni fedha inni gaafateef guutuufii diduu ishee hubanna.

Wayinisheet fi obbo barahee

Obbo baraheen abbaa manaa koo miti. ani abbaa manaa isheetti jedhee ragooleen sadii dhiheeffate kan sobaati. ani walii galteen isaa mallatteesse hin qabu... Obbo baraheen immoo haadha manaa kooti. kanaafis bakka namooti sadii jiranitti walii galteemallatteessinen qabna waan ta'eef, qabeenya waliin horannee qixxeetti hirmaachuu qabna kan jedhu ture (Isayyaas: 2018:126).

Yaada kana irraa kan hubannu wal-dhabbiin jara kana lamaan gidduutti uumame wayinisheet akka inni sobaan haadha manaa kooti jedhee kan inni dubbatu soba ta'uu isaa yoo ta'u, innis kan isheen jettu soba akka inni ta'e dubbachuu isaanii wal-dhabbiin fi falmii addaa gidduu isaaniitti uumuu isaa argina.

Qonjiit fi solomoon

solomoon maal yaadaa?? Hoo'u furtuu anarkaa fuudhii deemi. ijoollee kee isaan kamiif akkas yaadda?

Qonjiit ati deemi.

Ati hin deemtu jechuudhaa?

Erga hojiis ana hin gargaarree asii maal hojjettaree?

Mana eeguun salphaadhaa?

Mana kan eegan waardiyyoota lama qaba. waardiyyaa sadaffaa hin barbaadu

Ani waardiyyummaamaaf illee nama barbaadamu mitii?... (Isayyaas, 2018:138)

Yaada kanarraa kan agarru waliin dubbii qonjiit fi solomooniin keessa walitti bu'iinsi ni jira.sababiin walitti bu'iinsa isaaniis sababa solomoon furtuu konkolaataa harkaa fuuchuu dideef yoo ta'u,solomooniin immoo kan aarse jecha isheen ittiin jette sana ta'uu hubanna.

3.3.2.2.Wal-dhabbi namaa fi uumamaa.

Qonjiit fi bishaan

malkaa gamatti ce'uudhaaf yaaddee.akkuma ce'uuf yaadde yeroon xinnoo yoo ishee hafu dadhabde.cillimoo keessa lixee turte... qonjiit otoo ol hin ba'in hafte.sana booddee utaaalee seenee jala bishaanii ga'ee. bitaa fi mirga barbaade.kana booda harka ishee argatee harka tokkoon ofitti ishee hammatee daakuun gara ededaatti siqee gargaarsa namootaatiin keessaa baase...bishaan baay'ee sababa dhugdeef garaan ishee dubartii ulfaa ishee fakkeesse.ogeessonni fayyaa bakka bashannanichaas wallaansa fayyaa jalqaba godhaniif
(Isayyaas,2018,78-79).

Yaada olii irraa kan hubannu qonjiit bishaanii wajjin wal-dhabbi guddaa geggeessite.kana jechuun akkuma bineensi tokko nama nyaachuuf namaan qabuu ykn namni tokko nama biraa ajjeesuudhaaf yaaluutti bishaanni Kunis qonjiit waliin mormii ishee ajjeesuuf yaalii geggeesseera.kana malees bishaanni baayinaan garaa ishee seene kun illee hamma barbaachisuu ol waan ta'eef bishaan kana waliin walii galuu sababa hin dandeenyeef hooqqisuun ishee illee walitti bu'iinsi isaan gidduutti geggeeffamuu isaa hubanna.

3.2.2.3. Wal-dhabbi namaa fi uumaa

Eenyu kan kana naa godhu?'

'Yesuus jedhama'.

'Waaqa kiristaanotaamo?'

'Eeyyee'

'Lakki Ani isa hin barbaadu!'

'Gadi na dhiisaa Mana koottan galaa'

'Yeruu ko kottu maaloo waaqayyoon siif kadhannaan'

'Isinis naaf hin kadhatinaa Mana koottan galaa.na gashiisi (Isayyaas,2018:104).

Yaada olii irraa kan hubannu wal-dhabbiin namaaf uumaa gidduutti geggeeffame jiraachuu isaa kan nuyi ittiin hubannu yeroon amantiin ishee kiristaana waan hin ta'iniif fedha ishee malee amansiisuu wanta barbaadaniif akka waaqa sana hin barbaanne,akka iddoo jirtu sanaa warri qabani jiran gadi lakkisuu qabani fi iddocha dhaabbachuu hin qabne dubbachuu isheerraa kan hubannuudha.

3.3.2.4. Wal-dhabbi namaa fi hawaasaa

A) Abbaa Garoo (abbaa Yeroonii), Dargaggoota Aanaa Jimmaa,hojjetoota,tuu jarootaa fi Yeroon

garuu dargaggeessaa fi hojjetoota mootummaa,akkasumas tuujaroota horii isaaniitti boonan fuudhaaf ishee gaafatanii deebii dhabanii itti dallanan baay'eedha.sababii kanaaf kan ishee arrabsanis jiru.kan jaalalaaf ishee gaafatu baay'eedha.kan fuudhaaf jaarsa erganis lakkoofsaan baay'eedha.abbaan ishee garuu hamma kutaa kudha lama xumurtutti hin herumsiisnu" jedhan(Isayyaas,2018:8).

Yaadni olii kan nu hubachiisu wal-dhabbiin Abbaa Garoo ykn abbaa yeroon,hojjetootaa fi tuujaroota,dargaggoota adda addaa gidduutti uumame sababa yerooniin itti heerumsiisuu didaniifidha.namoonni adda addaa kanneen fuudhaaf ishee gaafatan,yeroo deebii dhaban kan yerooniin arrabsanis akka jiran hubanna.sababni isaa Yerooniin abbaan yeroo itti heerumsiisuu waan didaniifidha.abbaan yeroon isoo isheen kutaa 12 hin xumurin heerumsiisuu akka hin qabne waan murteessaniif yerooniin heerumsiisuuf fedha akka isaan hin qabnee fi sababa kanaaf namoonni hedduun itti aaruu isaanii kan arginuudha.

Kibbinesh fi Hawaasa naannoo ishee.

Kibbinesh utuu hin heerumin manatti waan deesseef hawaasa naannoo ishee baadiyyaa biratti maqaa badaa argatte.haala kana irraa kan ka'e abbaaf haati ishee qaani guddaa keessa seenan.sababii kanaaf haatii fi abbaan ishee ganamaaf galgala reebu.jiraattoti ganda ishees 'ilaa ishee manatti dhalte,sagaagiltuu'jecha quba itti waan qabaniif mucaa ji'a ja'aa

haadha isheetti gattee biyyaa baatee magaalaa finfinnee dhuftee hojii sagaagillummaa irratti bobbaate (Isayyaas,2018:101)

Yaada olii irraa kan hubannu kibbinesh kan isheen hawaasaa wajjin walitti buuteef aadaa hawaasaa keessa waan hin jirre waan raawwatteef hawaasni quba itti qabuu isaanii irraa kan ka'e hedduu kan gaabbiteedha.hawaasni naannoo sanaa hunduu ilaa ishee manatti deesse yeroo ittiin jedhan hedduu kan gaabbiteedha.sababiin hawaasaa wajjin walitti bu'uu ishees aadaa hawaasaa waan balleessiteef ykn safuu hawaasichaa waan dagattee fidha.kanuma irraa ka'uun imala ishee magaalaa finfinneetti deemuun kan gara qaama ishee gurgurtee jiraachuutti kan bobbaate ta'uu isaa hubanna.

Kibbinesh fi dargaggeessa tokko.

Gaafa tokko utuu gabaa galtuu dargaggeessa ishee kadhatee wajjin qabdoo teesse.wal-dhungachaa erga turanii booda gurbichi gabaatii dhugaatii dhugaa waan tureef lafa qabdoo ta'anitti humnaan ishee gudeede.durbummaa ishee irraa fudhate.kanumaan ulfooftee deesse(Isayyaas,2018:100-101).

Yaada olii kanarraa kan hubannu dargaggeessi kun sababa ofii isaatii dhugaatii dhugee jiru irraan kan ka'e fedha ishee malee wanta hawaasa keessatti qaanessaa fi bartee ciiggaasisaa irratti raawwachuun durbummaa ishee irraa fudhachuu irra darbee akka isheen manatti ulfooftuuf saaxileera.wal-dhabbiin gidduu isaanii jirus humna isaatti fayyadamee durbummaa ishee irraa fudhachuudha.

3.3.2.3. wal-dhabbi namaa fi teeknooloojii

Qonjiit fi konkolaataa

akka aarii konkolaataa ishee kaafattee irraan gadee daalattii(arat kilo) konkolaachisuu jalqabde.aaruidhaan beenzilatti ejjetee,konkolaatittii kaachiste.fii gicha konkolaatattinqabbaneessuuf fireemiitti ejjennaan qabuu dide.qonjiit baay'ee rifatte,waan gootu wallaalte,raatoftaetti.kana booda konkolaatittii deemtee Gimbii mooraaminikitti dirmittee dadachaate,dhaabbatte...sibiilli konkolaataa duraa miilla ishee qabe.sana booda namoonni dirmatamii keessaa baasan (Isayyaas,2018:140).

Yaada olii irraa kan hubannu meeshaan teknooloojiin argame keessaa konkolaataan tokko ta'uu yoo barru wal-dhabbiin as keessatti dhimma itti ba'ame wal-dhabbiin kanadha. kunis kan nu hubachiisu wal-dhabbiin gidduu isaaniitti uumame qonjiitiif fireemiin konkolaataa ajajamuu diduu isaa fi dhiibbaa inni irratti uume kan hubannuudha.

solomoonis waaqayyoon miti yeroon naaf haa dhiistu jedhee fiigaa gadi ba'e. karaa guddaa asfaaltii qaxxaamuruuf fiigaa gadi ba'e. taaksiin gara ministeerabarumsaa irraa gara gara masaraa guddaatti gadi kaachaa turte akka kubbaa qilleensarra ol kaastee lafa irratti diriirsite. dhiigisolomoon akka bishaanii dhangala'e... taaksittiin akka inni lammataa lubbuu hin horannetti lafaan dhoofta (Isayyaas, 2018:171)

Yaada olii fi xumuraa irraa kan hubannu wal-dhabbiin solomooniin yeroo gidduutti duraan waggoota dheeraa dura uumameef dhiifama kan gaafachaa osoo jiruu karaatti fiigee achi ba'ee konkolaataa ariiriin fiigaa jirtu wal-dhabbiin araarama hin qabne kan taasisu ta'uu isaa hubanna.

BOQONNAA AFUR

ARGANNOO FI YAADA FURMAATAA

4.1. Gudunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa og-barruuwwan oromoo heddu jiran keessaa asoosama Sussuka Adoolessaa jedhu irratti hundaa'uudhaan Afoolawwan asoosamicha keessa jiru qaaccessuudha. Asoosamni kun caaculee garaagaraa of keessaa qaba.caaculeewwan kanneen keessaa qorannoo kana keessatti wal-diddaa asoosama dheeraa Yeroon siif haa dhiistu jedhu xiinxalamee jira.ilmi namaa jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti gadda fi gammachuu,dhabuu fi argachuu,rakkinnaa fi dhiphuu guyyaa guyyaan keessummeessaa oolu injifachuuf jecha qooddataan ofii isaa ykn xiin-sammuu isaa waliin,qooddataan qooddataa waliin,qooddataan uumaa wajjin,qooddataan uumamaa wajjin,qooddataan teeknoolojii wajjin fi qooddataan hawaasaa wajjin wal-diddaa kan uuman ta'uu ibsameera.

Isaan kanneen xiinxaluufis mala qorannoo akkamtaatti fayyadamuun karaa madda odeeffannoo sadarkaa lammaffaa fi kitaaba qorannootti dhimma bahamee jira.odeeffannoo kanneen funaanuufis meeshaalee funaansa ragaalee kanneen akka kitaabolee,barruulee fi meeshaalee qorannoo kanaan wal-qabatan,akkasumas qorattuun kitaaba qorannoo irratti adeemsisaa jirtu irra deddeebiin dubbisuun ragaan kan qaaceffameedha.

4.2. Argannoo

- ❖ Haala xiinxala geggeeffameen,asoosamicha keessatti akaakuwwan wal-diddaa:
 - ❖ Wal-diddaa namaa fi ofii isaa(xiin-sammuu)
 - ❖ Namaa fi namaa ,
 - ❖ Namaa fi uumaa,
 - ❖ Namaa fi uumama,
 - ❖ Namaa fi hawaasa fi
 - ❖ Namaa fi teeknoolojii gidduutti geggeeffaman asoosamicha keessatti argamaniiru.
- ✓ Haaluma kaayyoo qabatameen sababii wal-diddaa asoosama keessatti argame yoo ta'u kallattiin akaakuwwan wal-diddaan sababiiwwan kan namaa fi namaa gidduutti uumameef sababii kan ta'e kanneen gaditti mullataniidha.

- ❖ Diinagdeerraa kan ka'e,
 - ❖ Amantaa irraa kan ka'e,
 - ❖ Jibba irraa kan ka'e,
 - ❖ Jaalala irraa kan ka'ee fi kkf dha.
- ✓ Kaayyoon sadaffaan qorannoo kanaa faayidaa wal-diddaan asoosamicha keessatti qabu kan agarsiisu yoo ta'u, wal-diddaan namaa fi namaa faayidaa seenaa asoosamichaa jalqaba gara fuul-duraatti adeemsisuu danda'eera. kan namaaf uumaa immoo faayidaa miidhagina asoosamichaa ta'eera.
- ✓ Kaayyoon xumuraa amaloota ilaallata. haaluma kanaan amaloonni wal-diddaa asoosamicha keessatti argaman:
- ❖ Tokkummaa,
 - ❖ Amanamummaa,
 - ❖ Miidhaginaa fi
 - ❖ Dagaaginadha.
- ✓ Sababoonni kunneen ,ga'eeffaan mataa isaani qabu. tokkummaan akka taatonni asoosamichaa jalqabaa hanga dhumaatti wal-qabatani socho'an gargaareera. Amanamummaan is fakkaattonni achi keessatti argaman tokko tokko amanamoo yoo ta'an kaan immoo amanamoo kan hin taanes kan jiran yoo ta'u, haaluma kana fakkaatuun fakkaattonni muraasni waadaa waliif galan akka eegan godheera. miidhaginni immoo akkaataan dhangala'iinsa yaadawwan asoosamicha keessatti taatonni uumanii fi kkf dha. akkasumas dagaaginnis fakkaattonni adeemsa keessa bifaan, guddinaa fi bilchinaan dagaagina uuman godheera.

4.3. Yaboo

Akka qorattuun nqorannoo kanaatti yaadni furmaataa:

- ❖ Asoosamichi maxxansa lammaffaaf dubbistootaaf kan dhiyaate yoo ta'u, haala wal-diddaa duraa duuba eegee haala namaa hubatamuu danda'uun kan dhiyaate miti.
- ❖ Osoo yeroo barreeffamutti haala wal-diddaa duraa duubaa eegee osoo dhiyaatee gaarii ture. silaa dubbistoota hawwachuuf illee ga'ee guddaa qaba.
- ❖ Gosoota wal-diddaa jiran hunda fayyadamuun ximina barreessaa kanaati. kun miidhagina asoosama kanaaf hedduu kan fayyadeedha.

- ❖ Wal-diddaan asoosamicha keessa jiran haala addunyaa dhugaa ibsuu danda'aniin ykn dhugaa nama amansiisu fakkaatee barreeffamuun isaa barreessitoota biroof illee fakkeenya kan ta'uu danda'uudha.

Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa (2011) Akkamtaa: Qorannoo hujoo afaan oromoo,Finfinnee,Oromiyaa

_____ (2018) Akkamtaa :Bu'uura barnoota afaanii fi afoola oromoo

Asafaa Tafarraa.(2009). *Eelaa.Seenaa oguma Oromoo* Finfinnee:Far-east trading pLC.

Asnaaqech xilahuun (2010) “qaaccessa wal-diddaa asoosama dheeraa hambaa du’aa”.yuunversiitii finfinnee,,oromiyaa

Beekan Gulummaa (2012) Yando; Ogumaa fi Ogwalaloo oromoo. Finfinnee,oromiyaa

Caaltuu warqinaa (2005) “xiinxala wal-dhabbi fi ergaa asoosama faaya mormaa ” yuunversiitii finfinnee,finfinnee,oromiyaa

Daandii Abdataa (2012) ”*xiinxala wal-dhabbi asoosama dirmammuu keessatti* “ yuunversiitii finfinnee,,oromiyaa

Dastaa Dassaalenyi(2013),Bu'uura Qorannoo: Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Fedhasaa Taaddasaa (2019). *Bu'uuralee Ogbarruu Oromoo*.Subi printing press

Finfinnee,Oromiyaa

Geetachoo Rabbiirra.(2005). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee:Corraz Iternatiinal

Publishing

_____ (2005), Furtuu. Seerluuga Afaan Oromoo Finfinnee, Kuraz

International Publishing Interprize.

Glencoe or Mc.Graw Hill.World literature,California,edition 2002

Melakneh Mengistu (1996),Fundamental Of Litrature,Fourth edition.Addis Ababa. Commercial printing Press.

ZERIHUN ASFAW (1996), YESINETHUF MESERTAWIYAN, ADDIS ABABA. NIGID METAMIYA DIRIGIT.

Waraqaa mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaa fi mallattoon koo kanaa gadiitti heerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu ibsaa,hojiin kun kanaan dura yuuniversiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanee,ta'uu isaa fi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa.

Maqaa qorattuu_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____

Maqaa gorsaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____